



**Sirna Hooggansa Hojjettoota Bulchiinsaa Mana Murtii: Haala Qabatama
Naannoo Oromiyaa**

Qorataa: Obbo Azzanee Indaalammaa (LLB. LL.M)

Gulaaltota: Obbo Dabee Dhaabaa (LLB. LL.M)

Obbo Tacaan Margaa (LL.B. LL.M)

Obbo Rattaa Baqqalaa (LLB. LL.M)

Adoolessa, 2015

ILQSO, ADAAMA

Qabiyyee Qorannoo

BOQONNAA TOKKO.....	4
1. GUMEE QORANNOO	4
1.1. Seen-duubee Qorannichaa.....	4
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	6
1.3. Gaaffiilee Qorannoo.....	8
1.4. Kaayyoolee Qorannichaa	8
1.5. Fayyadamtoota Qorannichaa.....	8
1.6. Daangaa Qorannichaa	9
1.7. Malleen Qorannichaa	9
1.8. Sakatta'iinsa Barruulee	11
BOQONNAA LAMA	12
2. BILISUMMAA ABBAA SEERUMMAA FI HAALA BULCHIINSA HUMNA NAMAA ISAA	12
2.1. Yaad-rimee Bilisummaa Abbaa Seerummaa	12
2.2. Haguuggii Seeraa Abbaa Seerummaa Seerota Idila Addunyaa Keessatti.....	13
2.3. Qabiyyee Bilisummaa Abbaa Seerummaa.....	15
2.3.1. Bilisummaa Abbaa Seeraa	16
2.3.2. Bilisummaa Mana Murtii fi Bulchiinsa Humna Namaa Isaa	16
2.4. Muuxannoo Adda Addaa	19
2.4.1. Muuxannoo Biyyoota Ambaa	19
2.4.2. Muuxannoo Sekteroota Biyya Keessaa.....	21
2.5. Bilisummaa Manneen Murtii fi Bulchiinsa Hojjetoota Bulchiinsaa Seerota Akka Naannoo Oromiyaatti Bahan Keessatti	22
BOQONNAA SADI	27
3. Rakkoolee fi Hanqinaalee Sirna Hooggansa Hojjetootni Bulchiinsaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Keessatti Calaaqisa	27

3.1. Bilisummaa Dhaabbataa Mana Murtii Miidhuu	27
3.2. Mana Murtii Keessa Sirnootni Adda Addaa Jiraachuu.....	30
3.3 Gitootni Ulfaatina Hojii Mana Murtii Bakka Bu'uu Dhabuu	31
3.4. Koodiin Naamusa Hojjetoota Amala Mana Murtii Waliin Walsimuu Dhabuu.....	32
3.5. Sirni Kenniinsa Murtii Dhimma Naamusaa Hanqina Qabaachuu	33
BOQONNAA AFAR.....	37
4. Guduunfaa fi Yaada Furmaataa	37
4.1. Guduunfaa.....	37
4.2. Yaada Furmaataa	38

BOQONNAA TOKKO

1. GUMEE QORANNOO

1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Sirna mootummaa dimokiraatawaa keessatti aangoon seera baastuu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuuf adda baafamee kan kennamee jiru dha. Yaaddama qaamolee mootummaa kanneen sadan aangoo isaanii adda baasuun kennuu keessaa tokko to'annoon gidduu isaanii akka jiraatuu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuu dha. Qoqqooddiin aangoo kun mootummaan daangaa seeraan kaa'amee jiru darbee fedhii isaatiin dhimmoota raawwachuu akka hin dandeenye daangessuu dha.¹ Qaamolee mootummaa kanneen keessaa kan seera tumamee jiru cabsan seeraan akka itti gafataman godhu keessaa tokko qaama seera hiiktuu dha. Tajaajilli abbaa seerummaan kennamus qaama kamirraayyuu bilisa ta'uun heeraa fi seera qofa giddugaleessa godhachuun murtii barbaachisaa kan kennamu dha.

Bilisummaan Abbaa Seerummaa qaama raawwachiiftuus ta'e seera baastuu irraa dhiibbaa kan hin qabnee fi keessumaa naannoo bulchiinsa manneen murtiitiin isaan lamaan keessaa tokkoon kan hin hoogganamne ta'uu kan namatti agarsiisu dha.² Kana irraa hubachuun kan danda'amu manni murtii qaamolee mootummaa seera baastuu fi raawwachiiftuu irraa akka dhaabbataattiifi abbaa seeraa dhuunfaatti bilisa ta'uu qofaa osoo hin taane mana murtii bulchuu irrattis bilisa akka ta'e kan namatti agarsiisu dha. Kanaaf jechas, sadarkaa tumaa heeraatti eegumsi bilisummaa dhaabbatummaa fi dhuunfaa abbaa seeraa kan godhamuuf. Akka biyyaa fi naannoo keenyaattis, bilisummaan dhaabbatummaa mana murti fi dhuunfaa abbaa seeraa eegumsa tumaa heera mootummaa argatee jira.

¹CCHR Institutions Series Volume 1 – The Separation of Powers and the Rule of Law – June 2011,p.1, available at: https://www.google.com/url?sa=t&rct=j&q=&esrc=s&source=web&cd=&cad=rja&uact=8&ved=2ahUKewjk8pPd8-b7AhV0TaQEHV5qDTIQFnoECAsQAQ&url=https%3A%2F%2Fwww.a4id.org%2Fwp-content%2Fuploads%2F2016%2F04%2FThe-Separation-of-Powers-and-the-Rule-of-Law-.pdf&usg=AOvVaw0KL-LcesYOI4YwP_J3ebS8

² Aron Degol, Institutional Independence of Federal Courts in Ethiopia: Observations, P.316

Bilisummaa Abbaa Seerummaa akka biyya keenyaatti heeraa fi seerota adda addaa keessatti ibsamee jira. Heera Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Rippaabilika Itoophiyaa keessatti qaamni abbaa seerummaa bilisa ta'e Heera Mootummaan kan hundeeffame ta'uu isaa tumamee jira. Akkasumas, Manneen murtii addaa yookiin yeroof aangoo abbaa seerummaa mana murtii idilee yookiin dhaabbilee hojii abbaa seerummaa raawwachuuf seeraan aangoo qaban irraa fudhatanii fi hojimaata seeraan tumame hin hordofne hundeeffamuu akka hin qabne heeraan tumamee jira.³

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessattis bilisummaan Abbaa Seerummaa tumameera. Naannoo Oromiyaa keessatti qaamni abbaa seerummaa bilisa ta'e Heeran hundeeffamee kan jiru dha. Manni Murtii addaa yookiin kan yeroo, kan aangoo abbaa seerummaa Mana Murtii idilee yookiin dhaabbataa aangoon abbaa seerummaa seeraan kennameefiin ala taasisuufi sirna abbaa seerummaa seeraan tumame hundeeffamuu akka hin dandeenye ibsamee kan jiru dha.⁴ Manni murtii kaayyoo, ergamaa fi mul'ata seeran kennameefii jiru galmaan gahuu kan danda'u ogeessota adda addaa barbaachisa. Ogeessonni kunneenis Abbootii Seeraa, Muudamtoota Manneen Murtii, Ofiiseerota Seeraa fi akkuma barbaachisummaa isaatti hojjetoota biroo ta'uu danda'a. Manneen Murtii hojjetoota biroo kana akkamitti bulchuu akka qaban haalota adda addaatiin seerota keessatti ibsameera.

Manneen Murtii Federaalaa bu'uura seera Labsii Hojjetaa Mootummaa Federaalaatiin hojjetoota bulchiinsaa ofii isaanii qacaruu, calaluu fi bulchuuf bilisummaa akka qaban tumameera. Haalli kun yoo jiraateyyuu qaxarrii, calallii, ramaddii, guddina sadarkaa, jijjiirraa, leenjii, daballii mindaa, faayidaa, dhimmoota naamusaa fi dhimmoota kanaan walqabatan biroo hojjetoota bulchiinsaa ilaallatan dambii bahuun hoogganamuu akka qaban eerameera. Mirgi fi faayidaan hojjetoota bulchiinsaa hin taane mirga hojjetoota mootummaa biroo seera siiviil sarvisiitiin tumame gadi ta'uu akka hin dandeenye ibsamee jira.⁵

Labsii gurmaa'ina, aangoo fi hojii maanneen murtii naannoo Oromiyaa irraa deebiin murteessuuf bahe keessatti Manneen Murtii Naannichaa bilisummaa guutuudhaan hojii isaanii akka raawwatan, dhiibbaa qaama mootummaa, abbaa taayitaa yookiin qaama kamii irraa iyyuu bilisa

³ Heera Mootummaa Rippablika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa, keewwata 78

⁴ Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kewt. 61

⁵ Labsii Gurmaa'ina Manneen Murtii Federaalaa, lakkoofsa 1234/2021, Keewwata 39

ta’anii hojii isaanii hojjechuu, manneen Murtii Naannichaa baajataan, bulchiinsa humna namaa fi hojimaata keessoo isaaniitiin of danda’anii akka hojjetanii fi Manni Murtii Waliigalaa baajata Manneen Murtii Naannichaa kallattiidhaan Caffeeff dhiyeessee mirkaneessisuun kan eeyyamame bulchuu akka qabu keewwayta 6 jalatti ibsamee kan jiru dha. Akka tumaa keewwata kanaatti manneen murtii bulchiinsa humna namaatiin ofdanda’anii hojjechuu akka qaban ibsameera. Bu’uuruma kanaan manni murtii humna namaa isaa bulchuuf seerota adda addaa baafatee ittiin hojjechaa jira. Dambii bulchiinsa abbootii seeraa fi muudamtoota manneen murtii Oromiyaa, dambii lakkoofsa 07/2012 fi dambii bulchiinsa ofseeroota seeraa Manneen Murtii Oromiyaa, dambii lakkoofsa 4/2011 fudhachuun ni danda’ama.

Hojjetoota biroo dambiiwwan kanaan hin haguugamne garuu labsii lakk. 215/2011 labsii hojjetoota Mootummaa naannoo Oromiyaa, dambii fi qajeelfama labsii kana raawwachiisuuf baheen bulaa kan jirani dha. Hojjeetootni kun haala kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa keessatti kallattiinis ta’e al kallattiin si’oominaa fi qulqullina tajaajila kennamu irratti gahee guddaa kan qabani dha. Kanaaf, haala qabatama hooggansa hojjetoota bulchiinsaa manneen murtii naannoo Oromiyaa ilaalchisee maal akka fakkaatuu fi rakkoolee jiran adda baasuun yaada furmaataa akeekuun manni murtii kaayyoo, ergamaa fi mul’ata qabatee jiru akka dhugoomuuf qorannoo kun gaggeeffameera.

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Manneen Murtii naannoo Oromiyaa kaayyoowwan akka Mirgaa fi walabummaa dhuunfaa fi garee Heera Federaalaa fi kan Mootummaa Naannichaa keessatti tumaman kabachiisuu; Waldhabdee namoota addaa addaa jidduutti uumamu seera irratti hundaa’uudhaan murtii haqa qabeessa kennuu; Ol’aantummaa seeraa mirkanneessuudhaan ijaarsa sirna dimookiraasiif gumaachuu kan jedhu qabachuun hojjechaa kan jiranidha.⁶ Kaayyoo kana galmaan gahuuf Manneen Murtii Naannichaa bilisummaa guutuudhaan hojii isaanii raawwachuu akka qaban haguuggiin seeraa kennamee jira. Bilisummaan kunis dhiibbaa qaama mootummaa, abbaa taayitaa yookiin qaama kamii irraa iyyuu bilisa ta’uun hojii isaanii raawwachuu akka qabani dha.

⁶ Labsii Lkk. 216/2011 Labsii Aangoo, Gurmaa’insaa fi Hojimaataa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irraa deebiin murteessuuf bahe, Keewwata 5

Manneen Murtii Naannichaa baajataan, bulchiinsa humna namaa fi hoj-maata keessoo isaaniitiin of danda'anii hojjechuu akka qaban seeraan ifatti ibsamee jira.⁷

Manneen murtii nannoo Oromiyaa kaayyoo, ergamaa fi mul'ata qabatani jiran akka galmaan gahaniif hojjetoota adda addaa isaaan barbaachisa. Kanuma giddugaleess godhachuun seerris Manneen Murtii Naannichaa bulchiinsa humna namaa fi hojmaata keessoo isaaniitiin of danda'anii hojjechuu akka qaban ifatti tumee kan jiruuf. Hojjeetoota mana murtiif barbaachisan Abbootii Seeraa, muudamtoota manneen murtii, Ofiiseera seeraa fi hojjetoota biroo kanneeniin ala jiranidha. Haala bulchiinsa humna nama kanaas ilaalchisee seerota adda addaa baafatee kan ittiin hojjechaa jiru dha. Bulchiinsa abbootiin seeraa fi muudamtootni manneen murtii Oromiyaa ilaalchisee dambii lakkoofsa 07/2012 baasuun ittiin hojjetamaa jira. Akkasumas, Sirni bulchiinsa Ofiiseera seeraa manneen murtii naannichaa bu'a qabeessa, itti gaafatamummaa kan mirkaneessu, kaayyoo fi ergama manneen murtii haala galmaan gahuu danda'uun fi rakkoo hojiirratti qunamaa ture haala furuun danda'uun dambii bulchiinsa ofseeroota seeraa Manneen Murtii Oromiyaa lakkoofsa 4/2011 fudhachuun ni danda'ama.

Hojjetoota biroo dambiiwwan kanaan hin haguugamne garuu labsii lakk. 215/2011 labsii hojjetoota Mootummaa naannoo Oromiyaa, dambii fi qajeelfama labsii kana raawwachiisuuf baheen bulaa kan jirani dha. Manneen Murtii amantaa ummataa horachaa fi gabbifachaa akka deeman duudhaa fi hojimaatni tajaajila abbaa seerummaa iftoomina akka qabaatuu fi fooyya'aa akka deemu gochuu keessatti gaheen hojjetoota kanaa barbaachisaa dha. Kanaaf immoo amala mana murtii waliin kan walfakkaatuun itti gaafatamummaa isaanii mirkaneessaa deemuunii fi caasaa isaanii haala qabatama mana murtii waliin deemuus bocuun barbaachisaa dha.

Manneen murtii kaayyoo, ergamaa fi galma qabatani jiran akkasumas tajaajila kennaamaa jiru daraan fooyyessuuf hojjetoota galma isaa dhugoomsuu danda'an ogeessota dandeettii fi naamusa olaano qaban yeroo yeroon qacarachuu fi tursiifachuu sirna dandeessisu qabaachuu qaba. Dabalataan haala qaxarrii, calallii, ramaddii, guddina sadarkaa, jijjiirraa, leenjii, daballii mindaa, faayidaa, bulchiinsa dhimmoota naamusaa fi kanneen biroo sirna kaayyoo fi galma isaa dhugoomsuu danda'an qabaachuu kan gaafatu dha. Sirni bulchiinsa hojjetoota kanaa manneen murtii naannichaa bu'a qabeessa, itti gaafatamummaa kan mirkaneessu, kaayyoo fi ergama

⁷ Akkuma Oliy, Keewwata 6

manneen murtii haala galmaan gahuu danda'uun fi rakkoo hojiirratti qunamaa ture haala furuun danda'uun sirna bulchiinsa isaanii diriirsuu kan dandeessisu kallattii agarsiisuuf qorannoo kun gaggeeffameera.

1.3. Gaaffiilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffiilee armaan gadii kan deebise dha.

- Sirna Hooggansa Hojjettoota Bulchiinsaa Yeroo ammaa jiruun rakkoo fi hanqinni Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irratti uume jiraa? Yoo jiraatan Maal fa'a kan jedhu dha.

1.4. Kaayyoolee Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroo fi kaayyoolee gooree armaan gadii ni qaba.

Kaayyoo Gooroo

Qorannoon kun kaayyoo gooroo rakkoolee fi hanqinaalee sirna hooggansa hojjettoota bulchiinsaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa yeroo ammaa ittiin bulaa jiran adda baasuun yaada furmaataa akeekuu dha.

Kaayyoolee Gooree

Qorannoon kun kaayyoo gooroo armaan olii kana galmaan gahuuf kaayyoolee gooree armaan gadii ni qabaata.

- Rakkoolee fi hanqinaalee sirna hooggansa hojjettoota bulchiinsaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa yeroo ammaa ittiin bulaa jiran adda baasuu.
- Rakkoolee fi hanqinaalee mul'ataniif yaada furmaataa akeekuu dha.

1.5. Fayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoo kana irraa qaamoleen adda addaa fayyadamoo ta'uu danda'u. Jalqaba irratti manneen murtii naannoo Oromiyaa yaadni furmaataa kaa'amu kaayyoo, ergamaa fi mul'ata qabatee jiru akka dhugoomuuf gahee mataa isaa waan qabuuf qorannoo kana irraa fayyadamoo jalqabaa ni

ta'u. Hojjetootni Bulchiinsaa manneen murtii naannoo Oromiyaa keessa jiran gaaffiilee gama jijjiirraa, guddinaa fi kkf gaafachaa turaniif sirni deebisuu danda'u akka diriiru waan taasisuuf fayyadamoo biroo ta'u.

Akka waliigalaatti tajaajilli manni murtii kennu iftoominaa fi bu'a qabeessa taasisuu keessatti gahee mataa isaa waan qabaatuuf tajaajilamtootni manneen murtii naannoo Oromiyaa qorannoo kana irraa fayyadamoo ni ta'u.

1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun rakkoolee fi hanqinaalee sirna hooggansa hojjetoota bulchiinsaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa yeroo ammaa ittiin bulaa jiran adda baasuun yaada furmaataa akeekuu qofaa irratti kan xiyyeeffatu dha. Akkamitti akka hoogganaman, caasaa, jijjiirraa, faayidaa fi kanneen kana waliin walqabatani jiran daangaa qorannoo kanaa ala. Akkasumas qorannoon kun hojjetoota sirni hooggansa isaanii seerota birootiin haguugamee jiru kanneen akka Abbootii Seeraa, Muudamtoota Manneen Murtii fi Ofseeroota seeraa daangaa qorannoo kanaan ala.

1.7. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun haala gaaffii qorannoo deebisuu fi kaayyoo qabatee jiru galmaan gahuu danda'uun tooftaalee saayinsaawaa adda addaatti gargaarame. Qorannoon kun adda durummaan haala qabatama hooggansa hojjetoota bulchiinsaa manneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti mul'atan irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaa armaan olitti ibsuun yaalameera. Hojjetootni bulchiinsaa manneen murtii naannoo Oromiyaa qabatamaan haala kamiin bulaa jiru kan jedhu dha. Kanaaf, immoo gosa qorannoo seeraa qofaa irratti hundaa'uun gaaffii qorannoo deebisuun hin danda'amu. Qabatamaan bulchiinsi isaanii maala akka fakkaatuu fi rakkoolee gama kanaan mul'atan xiinxaluu fi adda baasuu kan gaafatu dha. Kanaaf, qorannoon kun qorannoo seer-hawaasummaa ta'ee malleen qorannoo gargaaramamus dhimmoota kana kan deebise dha.

Qorannoon kun mala akkamtaan kan gaggeeffame dha. Malli akkamtaa kan filatameef rakkoowwan manneen murtii keessatti hooggansa hojjetoota bulchiinsaa manneen murtii waliin walqabatee mul'atan adda baasuun yaada bal'aa argachuuf waan gargaaruufi. Mala akkamtaa keessaa kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf afgaaffii fi Marii gareen daataan kan funaaname dha. Kunis haala hooggansa hojjetoota bulchiinsaa Manneen Murtii ilaalchisee

yaada gadfaageenya qabuu fi madda rakkoo isaa adda baasuuf waan gargaaruufi. Afgaaffiin hooggantootaa fi ogeessota dhimmicha waliin hariiroo qaban waliin gaggeeffame. Marii gareen immoo hojjetoota bulchiinsaa manneen murtii keessa jiran waliin kan gaggeeffame. Qorannoon kun muuxannoowwan biyyoota alaa kanneen akka Uganda, Keniya, USA (Kansas, Clifornia, Delaware fi Florida) fi India (Orissa) sakatta'ee jira. Biyyoonni kun Heera mootummaa isaanii fi seerota isaanii adda addaa keessatti bal'inaan bilisummaa Abbaa seerummaaf haguuggii kan kennan, caasa hojjetoota bulchiinsaa maqaa garaa garaa yoo qabaatanuu manneen murtii isaanii keessaa kan qabaniif filatamanii jiru. Biyya keessaas seertotni Mana Murtii Federaalaa fi Odiitii Muummichaa ilaalamani jiru. Dabalataanis qorannoon kun barreeffamoota adda addaa dhimmicha waliin rogummaa qabaniif seerota adda addaa sakatta'uun gaggeeffamee jira.

Iddoowwan daataan irraa funaanames gaaffii qorannoo fi odeeffannoo bal'aan irraa ni argama yaada jedhu giddugala godhachuun kan adda baafamani dha. Biirroolee, Mana Murtii Waliigalaa hanga Mana Murtii Aanaa jiran fi Mana Murtii Waliigala Federaalaa irraa daataan funaanameera.

Haaluma kanaan sadarkaa Naannootti Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Biiroo Publik Sarviisii Oromiyaa; Sadarkaa Federaalaatti Mana Murtii Waliigala Federaalaa, Sadarkaa Godinaatti Mana Murtii Olaanaa G/H/Bahaa, Mana Murtii Olaanaa G/H/Lixaa, Mana Murtii Olaanaa A/Lixaa, Mana Murtii Olaanaa G/Sh/Lixaa, Mana Murtii Olaanaa G/Sh/K/Lixaa, Mana Murtii Olaanaa M/Shaggar fi Mana Murtii Olaanaa G/Jimmaa irraa daataan funaanameera. Sadarkaa Aanaatti immoo M/M/A A/Sinaanaa, M/M/A Shaashamannee, MM/A Walisoo, M/M/M Jimmaa, MMA Amboo irraa daataan funaanameera.

Baay'inaa Daataa Karooraa fi Raawwii

Lakk.	Gosa daataa	Karoora	Raawwii
1.	Afgaaffii	49	45
2.	Marii Garee	13	13

1.8. Sakatta'iinsa Barruulee

Mata duree qorannoo kanaa ilaalchisee kallattiin hidhata kan qabu argachuun hin danda'amne. Haa ta'u malee barreeffamootni adda addaa al-kallattiin mata duree kana ilaallatan barreeffamanii kan jiranidha. Bal'inaan barreeffamni kunis kan irratti xiyyeeffatu dhimmoota bilisummaa manneen murtii waliin walqabatani dha. Barbaachisummaa bilisummaa mana murtii fi faayidaan isaan haqa argamsiisuu irratti kan xiyyeeffatu dha. Akkasumas, bilisummaan mana murtii akka jiraatuu fi eegamuus dirqama mootummaan qabuu fi manneen murtii qaban waliin walqabatee kanneen barreeffamanii jirani dha. Akka fakkeenyaatti, '*Institutional Independence of Federal Courts in Ethiopia: Observations*' jedhu kan nama Aron Degol jedhamuun barreeffamee jiru fudhachuun ni danda'ama.

Qorannoon kun kanneen kanaan dura gaggeeffamanii irraa adda kan isa taasisu haala hooggansa hojjettoota bulchiinsaa manneen murtii naannoo Oromiyaa irratti kan xiyyeeffatuu fi daataa qabatamaa manneen murtii keessa jiran waliin deeggaruun kan gaggeeffamuuf kan karoorfame ta'uu isaati.

BOQONNAA LAMA

2. BILISUMMAA ABBAA SEERUMMAA FI HAALA BULCHIINSA HUMNA NAMAA ISAA

2.1. Yaad-rimee Bilisummaa Abbaa Seerummaa

Sirni bulchiinsa mootummaa seera hiiktuu, seera raawwachiiftuu fi seera baastuutti kan qoqqoodamee jiru dha. Qamoleen sadan kanaaf dhimmoota isaan aangoo fi dirqama qaban adda baafamee jira. Aangoo fi itti gaafatamummaan isaaniis Heera fi seerota adda addaa keessatti tarreeffamee jiraachuu danda'a. Heeraa fi seerota adda addaa dhimma kanaan walqabatani bahan keessatti tajaajilli abbaa seerummaa bilisa akka ta'e kaa'ameera. Akka fakkeenyaatti, biyya keenyaatti Heera Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Itoophiyaa keewwata 78, Labsii Mana Murtii Federaalaa lakkoofsa 1234/2012 fi akka Naannoo Oromiyaatti immoo Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 61 fi Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lak. 216/2011 keewwata 6 fi 7 fudhachuun ni Dnda'ama.

Bilisummaa abbaa seerummaa ilaalchisee hiikkoon qaamolee garaa garaatiin kennameera. Bilisummaa Abbaa seerummaa jechuun abbaan seeraa dhiibbaa hin malle irraa bilisa ta'uun alloogummaan Heeraa fi seera jiru bu'uura godhachuun murtii haqa qabeessa kennuu akka ta'eetti ibsama. Bilisummaa kana yeroo baay'ee namoonni akka faayidaa abbaa seeraatti yeroo hubatamu mul'ata. Haata'u malee, bilisummaan abbaa seeraa faayidaa abbaa seeraaf osoo hin taane faayidaa ummataaf akka ta'e dha. Dhimma kana ilaalchisee barreeffamni tokko haala armaan gadiitti ibsee jira.

'In the final analysis we value and stress judicial independence for what it assures to the public, not for what it grants to judges themselves. Ultimately, the sole purpose of the concept is to ensure that every citizen who comes before the court will have their case heard by a judge who is

*free of governmental or private pressures that may infringe upon the ability of that judge to render a fair and unbiased decision in accordance with the law*⁸ jechuun ibsee jira.

Kana irraa akka waliigalaatti kan hubatamu bilisummaan abbaa seerummaa ummataaf faayidaa guddaa akka qabu dha. Bilisummaa Aabbaa seerummaa murtiiwwan abbaa seerummaa loogii kan hin qabne ta'uu fi damee mootummaa biroo irraa ykn dantaa dhuunfaa ykn siyaasaa irraa dhiibbaa kan hin qabne ta'uu qaba falaasama jedhu bu'uureffachuun kan hundaa'e dha. Bilisummaan abbaa seerummaa, dandeettii manneen murtii fi abbootiin murtii dhiibbaa ykn to'annoo qooda fudhattoota biroo kan mootummaas ta'e dhuunfaa irraa bilisa ta'uun hojii isaanii raawwachuu dha.

2.2. Haguuggii Seeraa Abbaa Seerummaa Seerota Idila Addunyaa Keessatti

Seerota idila addunyaa adda addaa keessatti bilisummaan Abbaa Seerummaa haala garaa garaatiin haguuggii seeraa argatee jira. Bilisummaa Abbaa Seerummaaf kanneen haguuggii fi beekkamtii kennan baay'ee yoo ta'anuu akka fakkeenyaatti muraasni isaanii armaan gadiitti kaasuun yaalameera.

Qajeeltoo Bu'uura Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii Bilisummaa Abbaa Seerummaa (The UN Basic Principles on the Independence of the Judiciary) qajeeltoowwan hedduu qabatee jiru keessaa barbaachisummaa Bilisummaa Abbaa Seerummaa akka qajeeltoo jalqabaa yookiin dursaatti kaa'ee jira. Bilisummaan Abbaa Seerummaa mootummaa biyyittiin mirkanaa'uu akka qabuu fi haguuggii seeraa Heera isaanii keessatti yookiin immoo seerota biroo keessatti tumamuu akka qabu ibsamee kan jiru dha.⁹

Yaadni Mana Maree Awurooppaa Bilisummaa Abbootii Seeraa (The Council of Europe's Recommendation on the Independence of Judges) ilaalchisee kenneen, bilisummaan abbootii seeraa tumaalee addaa heera mootummaa ykn seera biroo keessaa galchuudhaan mirkanaa'uu akka qabuu fi aangoon raawwachiisummaa fi seera baasuu abbootiin murtii bilisa ta'uu isaanii fi

⁸ Judicial Independence, available at <https://www.nunavutcourts.ca> assessed on 28/11/2022

⁹ united Nations Basic Principles on the Independence of the Judiciary, adopted by the Seventh united Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders held at Milan from 26 August to 6 September 1985 and endorsed by General Assembly resolutions 40/32 of 29 November 1985 and 40/146 of 13 december 1985

tarkaanfiiwwan hojii irratti dhiibbaa uumuu danda'an akka hin fudhatamne mirkaneessuu akka qaban ibsa.¹⁰

Chaartariin Abbootii Seeraa Waliigalaa, abbootii murtii naannoolee addunyaa hundaan raggaasifame, murtii haqa qabeessa kennuu fi Bilisummaan Abbaa Seerummaa dhimmoota adda baafamanii ilaalamuu hin qabne akka ta'e dha. Dhaabbileen fi abbootiin taayitaa hundi, biyya keessaas ta'e idil-addunyaa, bilisummaa sana kabajuu, eeguu fi ittisuu qabu jechuun ibsamee jira.¹¹

Bilisummaa Abbaa Seerummaa naannoo Afrikaa fi Eeshiyaa-Paasifiik keessattis addatti beekamtii argateera. Akka Ardii Afrikaatti murtee kabajaa fi cimsuu Bilisummaa Abbaa Seerummaa, bara 1999 Komishinii Mirgoota Namoomaa fi Ummata Afrikaatiin fudhatame ilaaluun ni danda'ama. Eeshiyaa-Paasifiik keessatti, Ibsi Qajeeltoo Bilisummaa Abbaa Seerummaa Beejiing Naannoo LAWASIA keessatti (Qajeeltoo Beejiing) akka tumametti "Bilisummaan Abbaa Seerummaa dhimmoota isa dura jiran madda kamirraayyuu kallattiinis ta'e al-kallattiin dhiibbaa sirrii hin taane osoo hin argatiin akkaataa dhugaa jiru loogii malee madaaluu fi hubannoo seeraatiin murteessuu akka qabu dha.¹²

Waliigaltee Idila Addunyaa Mirgoota Siivilii fi Siyaasaa keewwata 14 jalattis Namni hundinuu mana murtii fi qaama aangoo abbaa seerummaa qabu duratti walqixa akka ta'e ibsamee jira. Himata yakkaa isa irratti dhiyaatu kamiyyuu, yookiin mirgaa fi dirqama himata seeraa irratti qabu murteessuu keessatti, namni kamiyyuu mana murtii gahumsa qabu, bilisaa fi loogii hin qabne seeraan hundeeffameen haqa qabeessaa fi dhaddacha ifa ta'etti argachuuf mirga qaba jechuun ibsamee kan jiru dha.

¹⁰ Council of Europe, Recommendation No. R (94) 12 of the Committee of Ministers to Member States on the Independence, Efficiency and Role of Judges, 13 October 1994, Principle 2 (b)

¹¹ The universal Charter of the Judge, approved by the International Association of Judges (IAJ) on 17 November 1999, article 1. The IAJ was founded in 1953 as a professional, non-political, international organisation, grouping not individual judges, but national associations of judges. The main aim of the Association, which encompasses 67 such national associations or representative groups, is to safeguard the independence of the judiciary, as an essential requirement of the judicial function and guarantee of human rights and freedom

¹² Beijing Statement of Principles of the Independence of the Judiciary in the LAWASIA Region, adopted by the Chief Justices of the LAWASIA region and other judges from Asia and the Pacific in 1995 and adopted by the LAWASIA Council in 2001, operative para. 3.a

Labsii Mirgoota Namooma Addunyaa keewwata 10 jalattis ‘Namni kamiyyuu, mirgaa fi dirqama isaa murteessuu fi himannaa yakkaa isa irratti dhiyaatu kamiyyuu keessatti, mana murtii bilisaa fi loogii hin qabneen dhaddacha haqa qabeessaa fi ummataaf ifa ta’een walqixxummaa guutuudhaan argachuuf mirga qaba jechuun ibsamee kan jiru dha.

Akka waliigalaatti sanadoota idila addunyaa armaan olitti akkasumas kanneen barreeffama kana keessatti hin caqafamne keessatti akka ibsamee jirutti murtii haqa qabeessa kennuuf Bilisummaan Abbaa Seerummaa barbaachisaa akka ta’e kan agarsiisu dha. Bilisummaan Abbaa Seerummaa kunis mootummaa dabalatee qaamolee adda addaa kanneen biyya keessaa fi alaatiin kabajamuu akka qabuu fi biyyoonnis Bilisummaa Abbaa Seerummaa kanaaf akka wabiitti kan gargaaruuf Heera yookiin immoo seerota isaanii keessatti haammachiifamuu akka qabani dha.

2.3. Qabiyyee Bilisummaa Abbaa Seerummaa

Yeroo ammaa kana bilisummaan abbaa seerummaa daangaawwan bulchiinsa abbaa seerummaa keessa seenuu danda’an jiraachuu dhabuu akka barbaadu waliigaltee irra ga’ameera. Dimokiraasiin bilisummaa abbaa seerummaa barbaada; sababni isaas warri aangoo qaban gocha isaaniif heeraa fi seeraan itti gaafatamuu kan danda’an mana murtii duratti waan ta’eef.

Abbaan seerummaa sadarkaa dhaabbataattis ta’e akka abbaa seeraa tajaajila abbaa seerummaa kennu keessatti bilisa ta’uu qaba. Abbaan Seerummaa dhiibbaa alaa irraa bilisummaa qabaachuu yookiin argachuu danda’a, garuu sababa dhiibbaa dhaabbaticha keessaa dhufuun abbaan seeraa bilisummaa argachuu dhiisuu danda’a. Abbaa seeraa akka dhuunfaatti bilisummaa qaba jechuun hidhata yookiin gidduu seenuun haala murtaa’een akka bulchu isa geessu hin jiru jechuu dha. Dhimmoota seeraan alaa qaama mootummaan raawwatamanis ilaaluun murtii haqa qabeessa kennuu kanneen danda’an abbootii seeraa bilisummaa qabani qofaa dha. Qaama mootummaa kan ta’e dameen abbaa seerummaa gochoonni mootummaa heeraa fi seera waliin kan walsimu ta’uu fi dhiisuu isaanii amanamummaadhaan hordofuu yoo dadhabe, gaheen isaa waldhabdee namoota dhuunfaa gidduu jiru furuutti gadi bu’u ta’a. Akkasumas gahee isaa gara nama dhuunfaatti gadi buusuu malee dhimmoonni dimokiraasiif barbaachisoo ta’e too’annoon (check and balance) qaamolee mootummaaf taasifamu qabu gatii akka hin qabaanne taasisa.¹³

¹³ Judicial Independence in Judicial Reform Process 2014, available at www.dplf.org, accessed on 28/11/2022

2.3.1. Bilisummaa Abbaa Seeraa

Mata duree kana ilaalchisee gaaffii qorannoo qabamee jiru waliin kallattiin hidhata yoo hin qabaanneyyuu hubannoof akka ta'eef yaadotni gabaabinaan kaafamanii jiru. Bilisummaan kun bilisummaa dhuunfaa abbaa seeraa tajaajila abbaa seerummaa kennu irratti kan xiyyeeffatu dha. Bilisummaa guutuu fi hiika qabu tajaajila abbaa seerummaa mirkanaa'uu kan danda'u bilisummaan tajaajilaa yookiin dalagaa abbaa seeraa kan alaa fi keessaa irraa bilisa ta'e yoo jiraatedha. Bilisummaa abbaa seeraas hojii isaanii keessatti heeraa fi seera qofaa giddugaleessa godhachuun murtii haqa qabeessa kennuu kan isaan dandeessisu akka ta'e dha. Heera keenyaa fi seera keenya keessattis barbaachisummaa kana itti amanuun haguuggiin seeraa kennamee kan jiru dha.

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti keessatti qaamni abbaa seerummaa bilisa ta'e Heeran hundeeffamee akka jiru ibsamee jira.¹⁴ Labsii gurmaa'ina, aangoo fi hojmaata manneen murtii naannoo Oromiyaa irra deebiin murteessuuf bahe keessattis abbaan seeraa hojii isaa bilisummaa guutuu fi naamusa ol'aanaadhaan hojjachuu, seeraan malee haala biraa kamiinuu akka hin qajeelfamne, abbaan Seeraa kamiyyuu akkaataa seera keessatti tumameen ala hojii isaa irraa hin kaafamne, umuriin sooramaa Abbaa Seeraa kan seeraan tumameen ala haala kamiinuu dheerachuu akka hin qabnee fi abbaan seeraa mindaa fi faayidaalee adda addaa argachuuf mirga akka qabu eeramee kan jiru dha.¹⁵ Abbaan Seeraa kamiyyuu bilisummaadhaan hojjachuu fi bilisummaa Mana Murtii fi abbaa seeraa kabajuu fi kabachiisuuf dirqama qabu akkasumas qaamoleen mootummaa, miti-mootummaa fi hawaasa, akkasumas abbaan aangoo kamuu bilisummaa Mana Murtii fi kan abbaa seeraa kabajuuf dirqama akka qaban ibsamee jira.¹⁶

2.3.2. Bilisummaa Mana Murtii fi Bulchiinsa Humna Namaa Isaa

Bilisummaan mana murtii bilisummaa dhaabbataa jedhamees waamamuu ni danda'a. Bilisummaa Abbaa Seerummaa qaama raawwachiiftuus ta'e seera baastuu irraa dhiibbaa kan hin qabnee fi keessumaa naannoo bulchiinsa manneen murtiitiin isaan lamaan keessaa tokkoof illee

¹⁴ Akkuma Olitti Miil-jalee lakk. 4, Kwt. 61(1)

¹⁵ Akkuma Olitti Miil-jalee lakk. 7, Kwt. 7

¹⁶ Akkuma Ollii, Kwt. 8

kan hin bitamne ta'uu isaati.¹⁷ Kana irraa hubachuun kan danda'amu manni murtii qaamolee mootummaa seera baastuu fi raawwachiiftuu irraa akka dhaabbataatti bilisa ta'uu qofaa osoo hin taane mana murtii bulchuu irrattis bilisa akka ta'e kan namatti agarsiisu dha. Mana murtii bulchuun immoo hojjeetoota isaa illee kan dabalatu ta'uun isaa beekamaa dha. Hojjetootni mana murtii abbootii seeraa, muudamtootaa fi hojjetoota biroo kan dabalatu dha. Kana jechuun haala guddina hojjeetootaa bulchiinsa, naamusa isaanii, hojiirraa gaggeessuu, qacarrii fi kkf kan dabalachuu danda'u dha.

Haala bulchiinsa dhaabbata mana murtii ilaalchisee biyyoonni adda addaa modeela walfakkaataa hordofaa kan jiran miti. Moodeela itti gaafatamummaa abbaa seerummaa isaanumaaf kennuu (the exclusive judicial responsibility model) kanneen horofan kan jirani dha. Akkaataa Modela kanaatti manni murtii guutummaan guutuutti akka of bulchuuf aangoon kan kennamuufi dha. Fakkeenyaaf, biyya Ameerikaa kutaa Niwuyoorok fudhachuun ni danda'ama. Akkasumas faallaa modeela kanaa kan ta'e itti gaafatamummaa abbaa seerummaa qaama raawwachiiftuuf guutummaatti kennuu (the exclusive executive responsibility model) illee kan jiru dha. Mana murtii bulchuuf aangoo kan kennameefii jiru qaama raawwachiiftuu akka ta'e dha. Fakkeenyaaf, biyya Noorweey, Ostiriyaa, Faransaay fudhachuun ni danda'ama. Modeelli biroo mana murtii walfaanaa bulchuu (shared executive-judicial model) dha. Akka fakkeenyaatti, biyya Jarman fudhachuun ni danda'ama. Modeelli biroo manni murtii ittiin bulu model dhabbata hedduu haammatu (multi branch responsibility model) kan jedhamu dha. Bu'uura modeela kanaatiin qaamolee adda addaa irraa walitti dhufuun mana murtii kan bulchanidha. Qaamoleen walitti dhufuun mana murtii bulchan kun maqaalee adda addaatiin waamamuu danda'u. Fakkeenyaaf, Boordii, Koomishinii, Konferaansii, Gumii Abbootii Seeraa jedhamuun waamamuu ni danda'u. Fakkeenyaaf biyya keenya, Arjeentiinaa, Biraazil fudhachuun ni danda'ama.¹⁸

Bilisummaa dhaabbataa mana murtii kanneen mirkaneessuuf gargaaran keessaa kan biroo immoo aangoo mana murtii irraa fudhachuu kan danda'u mana murtii yeroo hundeeffamuu dhabuu dha. Mana murtii irraa aangoo isaa fudhachuu kan danda'u manni murtii yeroo hundeeffamuu akka hin qabne dha.

¹⁷ Akkuma Olitti miil-jalee lakk. 2, F.316

¹⁸ Akkuma Oliy, F. 317

Manni Murtii Waliigala Kanaadaa bilisummaa bulchiinsaa manneen murtiif hiikkoo kenneen manni murtii dhimmoota kallattiinis ta'ee al-kallattiin tajaajila abbaa seerummaa waliin walqabatan bulchuu irratti bilisummaa qabaachuu akka qabu dha. Bilisummaan bulchiinsaa kunis manni murtii hojjetoota isa jala jiran kanneen abbootii seeraa hin taane hojjetoota bulchiinsaa (administrative staff) qabaachuu akka qabu dha. Bulchiinsi kunis hojjetoota kana waliin dhimmoota walqabatan haammachuu kan danda'u dha.¹⁹

Dhaabbanni heera mootummaatiin yookiin seera idilee birootiin bilisa jedhamee hundeeffame hojii idilee isaa sirnaa fi bu'a qabeessa ta'ee akka hojjetuuf haal-duree tokko dha. Dhabbatootni bilisa jedhamanii heeraan yookiin seera birootiin hundeeffaman qabatama hojii keessatti bilisaan kan hin hojjenne yoo ta'e kaayyoo hundeeffamaniif galmaan gahuu kan hindandeenye ta'u. Bilisummaan dhaabbataa jiraachuu isaa haala lamaan hubachuun ni danda'ama. Tokkoffaa dhabbatichi haala ifaa ta'een bilisa jedhamuun beekkamtiin kennamuu isaa fi haala itti tumaaleen bilisummaaf beekkamtii kennan sun itti bocamani dha. Yeroo tokko tokko heerri yookiin seerri dhaabbataan bilisa jechuun tumaaleen itti aananii dhufan kanneen bilisummaa isaa hin mirkaneessine ta'uu danda'u.²⁰ Bilisummaan dhaabbilee yookiin bulchiinsaa yeroo baay'ee yaad-rimee addaan baafamuu aangoo waliin kan walqabatu ta'ee sirna to'annoon damee mootummaa sadan gidduutti ittiin mirkanaa'uudha. Bilisummaa Mana Murtii cimaa hundeesuu tumaan seeraa jiraachuu qaba.

Dimookiraasii dagaagsuu fi olaantumaa seeraa mirkaneessuuf qaamni abbaa seerummaa bilisa ta'e jiraachuun barbaachisaa dha. Kunis ol'aantumaa seeraa fi dhugoomsa mirga namoomaa akkasumas badhaadhina fi tasgabbi hawaasa tokkoo mirkaneessuu keessatti gahee mataa isaa ni qabaata. Bilisummaan abbaa seerummaa akka idileetti karaa heera mootummaatiin kan mirkanaa'u ta'us karaa seera, waliigalteewwanii fi seera fi hojmaata mijatoo birootiin mirkanaa'uu ni danda'a. Heera Mootummaa Ameerikaa hordofuun, heeroonni hundi jechuun haala danda'amuun heera yookiin seerota isaanii keessatti abbaa seerummaa bilisa akka ta'eetti tumamee jira. Heerri yookiin seerotni haguuggii seeraa bilisummaa abbaa seerummaaf kennuun isaanii bilisummaa mirkaneessuu keessatti akka ka'umsaatti kanneen tajaajilani dha. Seeraan beekkamtii kennuun qofti galma akka hin taane dha. Bilisummaan abbaa seerummaa jiraachuun

¹⁹ Daniel C. *et al*, The Rule of Law and The Independence of Judiciary, p. 12

²⁰ Alexander Martin Saba, The Constitutional Role of Judicial Service Commission in Protecting Independence of the Judiciary, P. 109

isaa kan mirkanaa'u qaamolee mootummaa hundaan, ummataan, qaamolee birootiin taateewwan hin eegamne muudatan, haala hawaasummaa, siyaasaa fi diingadee jijjiirramaa dhufaniin bilisummaan isaanii akka hin tuqamnee fi miidhamnee eegumsii fi tumsi barbaachisaa yoo taasifameefi dha.²¹

Bilisummaa abbaa seerummaa yaad-rimee haaraa miti. Ka'umsi fi giddu galeessi yaad-rimee kanaa doktiriinii aangoo addaan ba'uu ta'uun isaati. Kanaafuu, adda durummaan abbaan seerummaa qaama raawwachiiftuu fi seera baastuu irraa bilisa ta'uu jechuu dha. Bilisummaa abbaa seerummaa jechuun dhaabbata of danda'ee to'annoo fi dhiibbaa qaama raawwachiiftuu fi qaama seera baastuu irraa bilisa ta'e uumuu qofa jechuu miti.²²

2.4. Muuxannoo Adda Addaa

Kaayyoo qorannoo kanaaf kanneen rogummaa qaban jedhamuun yaadaman biyoonni Ambaa adda addaa fi sadarkaa Federaalaatti sekteroota akka Odiitera Muummichaa fi Mana Murtii Federaalaa labsii manicha hundeessuuf bahanii fi dambii labsii isaanii raawwachiisuuf bahee jiru ilaalameera.

2.4.1. Muuxannoo Biyyoota Ambaa

Muuxannoowwan biyyoota akka USA (Delaware, Kansas, California, Florida), Keniyaa, India (Orissa) fi Ugandaa ilaalamanii jiru. Muuxannoon biyyoota ilaalamee jiru kunis seerota isaanii keessatti hojjettoota bulchiinsaa (hojjettoota deeggarsaa) jedhamuun akka naannoo keenyaatti waamaman kana sirna akkamiitiin bulchaa jiru kan jedhu sakatta'ameera. Gabaabumatti muuxannoon biyyootaa ilaalamee jiru kun daangaa fi kaayyoo qorannoon kun galmaan gahuuf qabatee jiru irratti kan xiyyeeffate dha.

Kansas keessatti hojjettootni bulchiinsaa yookiin hojjettootni deeggarsaa kun *non judge employee* jedhamuun beekamu. Manni murtii isaanii Gumii Abbootii Seeraa (judicial council) jedhamuun kan bulu dha. Aangoo Gumii Abbootii Seeraa tarreeffamee jiru keessaa tokko hojjettoota *non judge employee* jedhaman kana bulchuu dha. **California** keessatti immoo hojjettootni kun *judicial employee* jedhamuun beekamu. Manni murtii isaanii akkuma kan

²¹M. P. Singh, SECURING THE INDEPENDENCE OF THE JUDICIARY-THE INDIAN EXPERIENCE, P.246

²²Akkuma olii F.M. P. 247

Kansas gumii abbootii seeraa (judicial council) jedhamuun kan bulu dha. Aangoo gumii abbootii seeraa tarreeffamee jiru keessaa tokko hojjetoota kana bulchuu dha. **Delaware** keessatti hojjetootni kun *non judicial staff* jedhamuun yoo beekaman **Florida** keessatti immoo immoo *Court employee* jedhamuun beekamu. Modelli bulchiinsa manneen murtii kanaa lachuu gumii aqbootii seeraa (judicial council) jedhamuun kan bulani dha. Aangoo gumii abbootii seeraa tarreeffamee jiru keessaa tokko hojjetoota kana bulchuu dha.²³

Orissa Naannoolee Indiyaa keessaa tokko taatee gara bahaatti argamti. Manni murtii naannoo kanaa *Judicial Commission* jedhamuun bula. Manni murtii kun hojjetoota akka *Junior Clerks, Typists, Copyists, Stenographers* fi kanneen biroo kan akka naannoo keenyaatti hojjetoota deeggarsaa jedhaman qaba. Hojjetootni kunis *non judicial staff* jedhamuun beekkamu. Haala qacarrii, calallii, jijjiirraa, guddina, naamusaa fi kanneen biroo seera ‘*Method of Recruitments and condition of service Rule*’ jedhamu baafachuun hojjetoota kana bulchaa jira.²⁴

Keeniyaa fi Yugaandaa keessattis muuxannoon walfakkaataatu jira. Manni murtii biyyoota kanaa *judicial service commission* jedhamuun bulaa jiru. Manni murtii Keeniyaa hojjetoota akka *secretaries, clerical officers, court interpreters, ICT officers and archivists* kanneen akka naannoo keenyaatti hojjetoota bulchiinsaa/deeggarsaa jedhaman qaba. Haaluma walfakkaatuun Yugaandaanis hojjetoota kana kan qabani fi maqaa isaaniis *judicial staff* jechuun mooggaasaniiru. Bulchiinsa hojjetoota kanaa ilaalchisee mana murtiin kan hoogganamaa jirani dha.²⁵

²³ Code of Conduct for non judicial court employees, Florida Rule of Judicial Administration, 2.215

²⁴ The Orissa District and Subordinate Courts' Non-Judicial Staff Services (Method of Recruitment and Conditions of Service) Rules, 2008

²⁵ The Judicial Service Commission *People's Bridge to Justice* PRESENTATION AT THE 21ST ANNUAL JUDGES' CONFERENCE ON EXPLORING THE EFFICIENCY AND EFFECTIVENESS OF THE JUDICIAL SERVICE COMMISSION IN STRENGTHENING ETHICS AND INTEGRITY IN THE UGANDA JUDICIARY

2.4.2. Muuxannoo Sekteroota Biyya Keessaa

Sekteroota biyya keessaa qorannoo kanaaf roggummaa qaban ilaalameera. Muuxannoon biyya keessaa seerotni mana murtii federaalaa fi Odiitera muummichaa akka armaan gadiitti xiinxaluun yaalameera

A. Mana Murtii Federaalaa

Manni murtii bilisa ta'e kan hundaa'e ta'uu Heera Mootummaa keewwata 78(1) jalatti ibsamee jira. Heera mootummaa kana bu'uura godhachuun sirna hojmaata manneen murtii Federaalaa kanneen tarreessan seerotni yeroo gara garaa bahuun haala yeroo fi kaayyoo manneen murtii galmaan gahuuf fooyya'aa turan. Labsiin lakkoofsa 40/1993 yeroo Mootummaa Ce'umsaa Manneen Murtii hundeessuuf bahe labsii lakkoofsa 25/88 kan fooyya'e ta'uun isaa beekamaa dha.

Akkasumas labsiin lakkoofsi 25/88 labsii lakkoofsa 1234/2021 kan fooyya'ee dha. Sababa labsiin kun ittiin fooyya'e keessaa tokko sirna bulchiinsa abbaa seerummaa cimsuuf manneen murtii Federaalaa baajata haala ittiin ramadamuufi bulu, calallii, ramaddii fi bulchiinsa hojjettoota bulchiinsaa isaanii ilaalchisee sirna dandeessisu diriirfachuu waan barbaachiseef akka ta'e seensa isaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Manneen Murtii Federaalaa bu'uura seera Labsii Hojjetaa Mootummaa Federaalaatiin hojjettoota bulchiinsaa ofii isaanii qacaruuf, calaluu fi bulchuuf bilisummaa akka qabani dha. Haalli kun yoo jiraateyyuu qaxarrii, calallii, ramaddii, guddina sadarkaa, jijjiirraa, leenjii, daballii mindaa, faayidaa, dhimmoota naamusaa fi dhimmoota kanaan walqabatan biroo hojjettoota bulchiinsaa ilaallatan dambii bahuun hoogganamuu akka qaban ibsameera. Mirgi fi faayidaan hojjettoota bulchiinsaa mirga hojjettoota mootummaa biroo seera siiviil sarvisiitiin tumamee gadi ta'uu akka hin dandeenyes keewwatni 39(3) ni ibsa. Manni Murtii Federaalaa hojjettoota bulchiinsaa ofii isaanii calaluu, qacarachuu fi bulchuu kan danda'an qajeeltoo siivil saarviisii bu'uura godhachuu akka qabamu seerichi ifaan tumee jira.

B. Odiitera Muummicha

Heera Mootummaa keewwata 101 jalatti Odiiterrri Muummich Muummicha Ministeeraan dhiyaachuun bakka bu'oota ummataaaan mirkanaa'uu akka qabu tumamee jira. Kaayyoon guddaan isaas Ministeeronnii fi ejeensiiwwan Mootummaa Federaalaa bajata isaaniif ramadame qixa barbaadamuun hojiirra oolchuu fi dhiisuu isaanii odiit gochuu fi qorachuu akka ta'e dha. Bal'inaan haalli hojmaata isaanii seera bahuun kan murtaa'u ta'uu tumaan Heeraa kun in ibsa. Tuma heera kanaa bu'uureffachuun labsiin bakka bu'oota ummataatiin mana hojii kana hundeesu bahee kan jiru ta'uu isaati. Labsiin Mana hojichaa hundeessee jiru labsiin lakoofsa 669/2010 kaayyoo isaa sirnaan akka galmaan gahuuf fooyya'ee kan jiru ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

Kaayyoo guddaan seerota Odiitera Muuchichaa hundeesse kun akka fooyya'an taasisan keessaa tokko bilisummaa dhaabbatichaa sirnaan cimsuuf, haala hojmaataa fi caaseffama isaa sirnaan fooyyessuu fi cimsuuf seerri dura bahee hojiirra jiru kan isa dandeessisu kan hin taane waan taaneef labsiin lakkoofsi 892/2016 labsii mana hojii Odiitii Muummicha Federaalaa irra deebiin baasuun akka barbaachise seensa isaa irraa hubachuun ni danda'ama. Labsiin 669/2010 kan ittiin fooyya'an keessaa tokko kaayyoo armaan olii kana galmaan gahuuf akka ta'e dha.

Aangoo fi dirqamni muummicha odiitii federaalaas labsicha keewwata 13 jalatti bal'inaan barreeffamee jira. Akka labsii kana keewwata 13(7) jalatti ibsamee jirutti haala caaseffamaa mana hojichaa fi iskeelii miindaa akkasumas fayidaawwan adda addaa hojjetootaa qopheessuun bakka bu'oota ummataatiin erga mirkaneessee booda aangoo raawwachuu akka qabu ibsameera. Dabalatanis, dhimma kana ilaalchisee bal'inaan dambii bahuun murtaa'uu akka qabus seerichi kaa'ee jira. Muummichi Odiitii dambii manni maree bakka bu'oota uummataa baasan qajeeltoowwan labsii fi dambii siivil sarviisiitiin tumaman bu'uura godhachuun hojjetoota qacarachuu fi bulchuu akka danda'u keewwata 13(8) jalatti kaa'eera.

2.5. Bilisummaa Manneen Murtii fi Bulchiinsa Hojjetoota Bulchiinsaa Seerota Akka Naannoo Oromiyaatti Bahan Keessatti

Bilisummaan Manneen Murtii Heeraa fi seerota keenya adda addaa keessatti haguuggii seeraa argatee jira. Qaamni abbaa seerummaa bilisa ta'e Heera Mootummaan kan hundeeffame ta'uu isaa tumamee jira. Akkasumas, Manneen murtii addaa yookiin yeroof aangoo abbaa seerummaa

mana murtii idilee yookiin dhaabbilee hojii abbaa seerummaa raawwachuuf seeraan aangoo qaban irraa fudhatanii fi hojimaata seeraan tumame hin hordofne akka hundeeffamuu hin qabne heeraan tumamee kan jiru dha.²⁶

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessattis bilisummaan abbaa seerummaa tumamee kan jiru dha. Naannoo Oromiyaa keessatti qaamni abbaa seerummaa bilisa ta'e Heeraan hundeeffamee kan jiru dha. Manni Murtii Addaa yookiin kan yeroo, kan aangoo abbaa seerummaa Mana Murtii idilee yookiin dhaabbataa aangoon abbaa seerummaa seeraan kennameefiin ala taasisuufi sirna abbaa seerummaa seeraan tumame hundeeffamuu akka hin dandeenye ibsamee kan jiru dha.²⁷

Aangoon Abbaa Seerummaa Naannichaa kan Manneen Murtii qofaati. Qaamni Abbaa Seerummaa Naannichaa sadarkaa kamittuu argamu, dhiibbaa qaama Mootummaa, abbaa taayitaa yookaan qaama biraa kamiyyuurraa bilisa dha. Abbootiin Seeraa hojii Abbaa Seerummaasaanii bilisummaa guutuun raawwatan seeraan malee haala biraatiin kamiinuu kan hin hoogganamne, Abbaan Seeraa kamiyyuu haallan seeraan eeramaniin ala umriin sooramaa seeraan murtaa'e osoo hin geenye dura fedhiisaatiin ala hojii Abbaa Seerummaa isaarra akka hin kaane ibsamee jira. Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa, akka seera naamusa abbootii seeraatti badii raawwateera yookiin hanqina dandeettii hojiifi si'oominaa cimaa qaba jedhee yoo murteesse, yookiin, Abbaan seeraa sababa fayyaa dhabuutiin hojiisaa qajeellootti raawwachuu hin danda'u jedhee yeroo murteessuufi; Murtiin Gumichaa Caffee Naannichaatiif dhiyaatee sagalee caalmaa miseensotaatiin deeggaramee yoo ragga'e qofaa hojii irraa gaggeeffamuu akka qabu ibsamee jira. Garuu, gumiin abbaan seeraa tokko hojii abbaa seerummaasaarraa isa kaasuu raawwateera jedhee yoo amane hamma dhimmichi Caffeedhaan murtaa'utti hojii abbaa seerummaasaarraa ittisuu akka danda'u ibsamee kan jiru dha. Soorama abbaa seeraa ilaalchisees dheerachuu akka hin dandeenye tumameera.²⁸

Bilisummaa fi itti gaafatamummaa Abbaa Seerummaa Heera Federaalaa fi kan naannootiin tumame cimsuu fi bifa madaalawaa ta'een hojiirra oolchuudhaan manneen murtii tajaajila abbaa seerummaa loogii fi gartummaa tokko malee akka kennan dandeessisuuf jecha labsiin manneen

²⁶ Akkuma olitti miil-jalee lakk.3, kwt. 78

²⁷ Akkuma olitti miil-jalee 4, kwt. 61

²⁸ Akkuma olii, kwt. 63

murtii Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf bahe lakkoofsi 141/2000 labsii lakkoofsa 216/2011 tiin kan fooyya'e ta'uu isaa seensa labsichaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Kaayyoo bilisummaa abbaa seerummaa kana milkeessuufis tumaalee labsichaa irratti kanneen bilisummaa abbaa seerummaa mirkaneessan haammatananii kan jirani dha. Labsicha keewwata 6(2) jalatti Manneen Murtii naannichaa bajataan, bulchiinsa humna namaa fi hojmaata keessoo isaaniitiin ofdanda'anii ni hojjetu jechuun tumameera. Akkasumas keewwaticha muraa 3 jalatti Manni Murtii Waliigalaa baajata manneen murtii naannichaa kallattiin Chaffeef ni dhiyeessisa yoo eeyyamame hojiirra ni oolcha jechuun ibsamee jira.

Manni Murtii Waliigala Oromiyaa haala bulchiinsa hojjetoota isaa ilaalchisee seerota adda addaa baafatee kan qabu dha. Bulchiinsa abbootiin seeraa fi muudamtootni manneen murtii Oromiyaa ilaalchisee dambii lakkoofsa 07/2012 baasuun kan ittiin hojjetamaa jiru dha. Sirna fo'annoo fi filannoo, muudamaa, ramaddii, guddinaa, jijjiirraa, madaallii raawwii fi misooma qabeenya namaa ifatti tumuun hojiirra oolchuun humna namaa dandeettii fi naamusa ol'aanaa qabu gara manneen murtii naannichaatti hawwachuu fi tursuuf; akkasumas kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa qulqullina, dhaqqabamaa, si'oaminaa fi bu'aa qabeessa ta'e kennuu dandeessisuu keessatti gumaacha ol'aanaa qabaachuun isaa waan hubatameef; Abbootiin seeraa fi muudamtootni kaka'umsa, miira tajaajilummaa, tasgabii hojii fi ilaalcha jijjiiramaa akka qabaachaa deemaniif, akkasumas ogeessota dandeettii fi naamusa ol'aanaa qaban hawwachuu fi tursuun akka danda'amuuf sirna bulchiinsa keessoo gaaromsuu fi faayidaalee addaa addaa abbootiin seeraa argachuu qaban seeraan tumuudhaan bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa cimsaa deemuun murteessaa ta'uun waan barbaachiseef dambiin kun kan bahee jiru dha.

Hojiin kenniinsa tajaajila abbaaseerummaa bu'a qabeessa akka ta'u gochuu fi manneen murtii naannichaa amantaa ummataa akka horatan gochuu keessatti shoorri ofseerri seeraa qabu olaanaa fi jijjiirama gama hundaan manni murtii galmaan gahuuf adeemu keessatti ofseerri seeraa gahee fi hojii qabu itti gaafatamummaa fi naamusa olaanaan akka bahatu gochuu fi danbiin ofseera seeraa akka waliigalaatti ittiin hoogganaman qopheessuun barbaachisaa ta'ee waan argamee; Sirni bulchiinsa ofseera seeraa manneen murtii naannichaa bu'a qabeessa, itti gaafatamummaa kan mirkaneessu, kaayyoo fi ergama manneen murtii haala galmaan gahuu danda'uun fi rakkoo hojiirratti qunamaa ture haala furuun irradeebiin gurmeessuun waan

barbaachiseef dambii bulchiinsa ofiseroota seeraa Manneen Murtii Oromiyaa lakkoofsa 4/2011 baasuun kan ittiin hojjetamaa jiru dha. Dambiin kun dhimmoota jijjiirra, filannoo, guddina, qacarrii ofiseroota seeraa, hayyama waggaa, hayyama da'umsaa, hayyama dhukkubaa, waa'ee naamusaa, hojjiirraa gaggeessuu ofseroota seeraa kan haammatee jiru dha.

Hojjetoota biroo ilaalchisee labsii lakk. 215/2011 labsii hojjetoota Mootummaa naannoo Oromiyaa, dambii fi qajeelfama labsii kana raawwachiisuuf baheen bulaa kan jirani dha. Hojjetootni kun haala adda addaatiinis yeroo seerota Manni Murtii baafatee jiruun hoogganamis ni mul'ata. Tumaa seerota kanaa fi haala itti hojjetoota kana haguugee jiru akka armaan gadiitti sakatta'ameera.

Bilisummaa fi itti gaafatamummaa mana murtii fi Abbootii seeraa haala madaalawaa fi bu'a qabeessa ta'een mirkaneessuun akka danda'amuuf gurmaa'ina Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Manneen murtii Oromiyaa cimsuuf jecha labsiin lakk. 217/2011 labsiin Gumii Abbootii Seeraa Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf akka bahe seensa labsichaa irraa hubachuun ni danda'ama. Labsichi muudamoota gosa garaa garaa fi sadarkaa adda addaa ibseera. Labsichi hojjetoota bulchiinsaa jedhamuun kanneen beekaman tokko tokko illee sadarkaa muudamaa taasisuun ittiin bulmaata isaanii sirna siivil saarviisii jalaa baasuun manni murtii bulchuu akka qabu kaa'a. Akka labsicha keewwata 2(9) jalatti ibsamee jirutti sadarkaa mana murtii waliigalaatti Daarikteerootni muudama Gummii akka ta'an ibsamee jira. Akkasumas labsicha keewwata 2(11) jalatti sadarkaa mana murtii waliigalaatti dursitootni garee muudama Pirezidaantii akka ta'e tumaan seerichaa ni ibsa.

Dhimma naamusa hojjetoota bulchiinsaa ilaalchisees seerichi seerota sivil sarviisiin bahaniin osoo hin taane seerota manni murtii sirna bulchiinsa isaa diriirsuuf baafateen hoogganamaa kan jiran ta'uu hubachuun ni danda'ama. Akka labsicha keewwata 25(1) jalatti barreeffamee jrutti badii naamusaa hojjetoota deeggarsaan raawwataman akkaataa labsii hojjetoota mootummaatiin akka ilaalamuuf koreen naamusaa hojjetoota mootummaa manneen murtii sadarkaa hundatti hundeeffamuu akka qabu kaa'a. Gareen Gumii waliigalaa dhimma naamusa hojjetoota mana murtii waliigalaa, Gumiin Godinaa dhimma naamusa hojjetoota mana murtii olaanaa fi kanneen mana murtii aanaa Oliyannoon dhagahamanii murtii ni kennu. Murtichis isa dhumaa fi oliyannoo kan hin qabne ta'a jechuun keewwatni 25(2) ni kaa'a.

Murtii badii naamusaa Gareen Gumii Waliigalaa aangoo sadarkaa duraan ilaalee kenne irratti oliyyata dhiyaatu dhagahee murteessuuf aangoo kan qabu dha. Muriin haala kanaan Gumii Waliigalaatiin kennamu isa dhumaa ta'ee oliyyannoo fi iyyannoo kan hin qabne dha. Murtii naamusaa Gareen Gumii Godinaa kenne oliyyataan ilaale murteessuuf aangoo kan qabu dha. Murtiin kennamus kan dhumaa fi iyyannoo biro kan hin qabne ta'uu isaa keewwata 13(2) jalatti ibsamee jira. Kana irraa hubachuun kan danda'amu haalli ittiin bulmaata hojjetoota biroo gama seerota siivil saarviin baasu haa jedhamu malee manni murtii hojjetoota kana kaan isaa muudama gochuun akkasumas itti gaafatamummaa badii naamusaa mirkaneessuu ilaalchisee seerota ofii baafateen hoogganaa kan jiru ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

BOQONNAA SADI

3. Rakkoolee fi Hanqinaalee Sirna Hooggansa Hojjettootni Bulchiinsaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Keessatti Calaaqisa

Seensa

Manni murtii aangoo Heeraa fi seerota adda addaatiin kennameefii jiru galmaan gahuuf jecha hojjettoota gosa adda addaa kan isa barbaachisu dha. Hojjettootni kunis muudamtoota sadarkaa adda addaa fi hojjettoota muudamaan ala jiran hunda kan haammatu dha. Hojjettootni mana murtii muudamaan ala jiran seerota qaama biroon bahaniin kan hoogganamaniif fi muudamtootni immoo adda durummaan seerota mana murtii ilaallataniin kan bulaa jiran ta'uu isaa boqonnaa darbe keessatti ilaalameera. Boqonnaan kun immoo bulchiinsa hojjettoota kanaa ilaalchisee rakkoolee fi hanqinaalee maal akka jiran irratti kan xiyyeeffatu dha.

Haala hooggansa hojjeettoota bulchiinsaa manneen murtii naannoo Oromiyaa keessa jiran maal akka fakkaatu beekuuf daataan qaamolee adda addaa irraa afgaaffiin akkasumas hojjettoota kana irraas bifa afgaaffii fi mare gareetiin funaanamee jira. Dabalataan seerotni adda addaa dhimma kana waliin kallattiin roggummaa qabaniif fi muuxannoon adda addaa ilaalamee jira. Haaluma kanaan rakkooleen hooggansa hojjettoota bulchiinsaa manneen murtii keessatti mul'atan maal akka fakkaataan daataa funaanamee, muuxannoowwan jiraniif fi seerota adda addaa waliin walcinaa qabuun akka armaan gaditti xiinxalamee jira.

3.1. Bilisummaa Dhaabbataa Mana Murtii Miidhuu

Naannicha keessatti qaamni abbaa seerummaa bilisa ta'e Heera Mootummaan kan hundeeffame ta'uu isaa keewwata 61(1) irraa hubachuun ni danda'ama. Bilisummaa fi itti gaafatamummaa Abbaa Seerummaa Heera Federaalaa fi kan naannootiin tumame cimsuu fi bifa madaalawaa ta'een hojiirra oolchuudhaan manneen murtii tajaajila abbaa seerummaa loogii fi gartummaa tokko malee akka kennan dandeessisuuf jecha labsiin lakkoofsa 216/2011 kan bahe ta'uu seensa labsichaa irraa hubachuun ni danda'ama. Manneen Murtii Naannichaa bilisummaa guutuudhaan hojii isaanii akka raawwataniif fi dhiibbaa qaama mootummaa irraa bilisa akka ta'aniif manneen Murtii Naannichaa bulchiinsa humna namaa fi hojimaata keessoo isaaniitiin of danda'anii akka

hojjetaniif bilisummaan kan kennamee jiru ta'uu labsicha keewwata 6 jalatti ibsamee kan jiru dha. Akka tumaa keewwata kanaatti manneen murtii bulchiinsa humna namaa fi bulchiinsa keessoo isaaniitiin ofdanda'anii hojjechuu akka qaban ibsameera. Labsicha keewwata 6(2) jalatti Manneen Murtii naannichaa bajataan, bulchiinsa humna namaa fi hojmaata keessoo isaaniitiin ofdanda'anii ni hojjetu jechuun tumameera.

Labsicha keewwata 13 jalatti Aangoo Prezidaantii Mana Murtii Waliigalalaa tarreeffamanii jiran keessaa hojjetoota manneen murtii naannichaaf barbaachisan qacaruu, ramaduu fi bulchuu; Caasaa manneen murtii qoratee yookiin qorachiisee Gumiif dhiyeessuun yoo mirkanaa'an hojiirra oolchuuf aangoo kennamee kan jiru ta'uu labsicha keewwata 13(4 fi 6) irraa hubachuun ni danda'ama. Bu'uuruma kanaan manni murtii humna namaa isaa bulchuuf seerota adda addaa baafatee kan ittiin hojjechaa jira. Dambii bulchiinsa abbootii seeraa fi muudamtootni manneen murtii Oromiyaa, dambii lakkoofsa 07/2012 fi dambii bulchiinsa Ofiseeroota seeraa Manneen Murtii Oromiyaa, dambii lakkoofsa 4/2011 fudhachuun ni danda'ama. Tumaawwan kanneen irraa hubachuun kan danda'amu manni murtii hojjetoota isaa bulchuuf aangoo kan kennameefii jiruu fi bilisummaa qabaachuu dha.

Haala tummaawwan kanaan faallaa ta'een manni murtii hojjetoota bulchiinsaa yookiin hojjetoota deeggarsa qajeelfama qaamni biroo kennuun yeroo bulchu ni mul'ata. Manneen murtii yeroo seerota fi qajeelfama qaamni biroo kennu irratti hundaa'uun qacarrii fi sadarkaa guddinaa raawwatan qabatamaan kan mul'achaa jiru dha. Fakkeenyaaf, MMWO xalayaa gaafa 11/02/2015 lakk. 3-48/548/15 barreesseen waa'ee qacarrii fi guddina sadarkaa hojjetoota kanaa BPSMQN qajeelfama gaafatee jira. Biiron kun immoo xalayaa gaafa 15/02/2015 lakk 3-3/10/184 gara MMWO tti barreesseen aangoo isaanii akka hin taane ibsuun qacarrii akka hin raawwanne qajeelfama dabarseera. Haalli kun immoo rakkoolee adda addaa mana murtii keessatti fidaa akka jiru namootni afgaaffiifi mareen garee taasifameef ni kaasu.

Qacarrii, jijjiirraa, guddinaa fi kanneen biroo hojjetoota bulchiinsaa ilaalchisee manni murtii qajeelfamaa fi seerota qaamni biroo baasu irratti hundaa'uun hojjetoota kana gaggeessaa kan jiru dha. Keessattuu qacarrii, guddinaa fi jijjiirraa ilaalchisee manni murtii yeroo ammaa kana

xalayaa Biiron Paablik Saarviisii Oromiyaa baasee jiruun dhorkamee jira.²⁹ Haalli kun immoo manni murtii humna namaa kaayyoo hundeeffama mana murtii galmaan gahuuf isa dandeessisu qacarachuu, namootni manicha gadlakkisaanii akka hin deemneef guddina barbaachisu akkasumas faayidaalee adda addaa eeguuf, jijjiirraa raawwachuuf seera qaamni biroo baasuu fi murtii qaamni hojii raawwachiiftuu dabarsu irratti hundaa'amaa kan jiru dha.³⁰

Manni murtii bilisa kan jedhamu humna namaa kaayyoo fi ergama isaa galmaan gahuu danda'an qacarachuu fi tursiifachuu kan isa dandeessisu sirna mataa isaa yoo qabaate dha. Humna namaa barbaachisu yeroo ammaa kana manni murtii qacarachuu kan hin dandeenye dha. Sababa kanaaf baajatni qacarii fi guddina sadarkaa kennuuf qabame sirnaan hojiirra oolaa kan hin jirre dha. Bulchiinsa humna namaa sirna ittiin bulchu dhabuu irraan kan ka'e baajata sirnaan fayyadamuu irratti dhiibbaa mataa isaa uumaa jira.³¹ Hanqina humna namaa qacarachuu dadhabuu irraan kan ka'e hojiiwwan dabalataa namni tokko akka hojjetu taasifamaa jira. Fakkeenyaaf, qulqulleessitootni hojii dabalataa dhadhacha kabachiisuu akka hojjetan manneen murtii keessatti raawwatamaa jira.³²

Hojjetoota bulchiinsa qaama biroo jalatti buluun mirgaafi faayidaa isaanii deebisuuf, akkasumas itti-gaafatamummaa isaanii mirkaneessuuf manni murtii eeggattummaafi jiddu-lixummaa qaama alaatiif saaxilaa jira. Haalli kun bilisummaa manneen murtii irratti dhiibbaa mataa isaa qabaata.³³ Manni murtii bilisa ta'ee tajaajila Abbaa Seerumma akka kennu Heera biyyattiifi naannootu kaa'a. Kunis bifa guutuu ta'een hojii irra kan oolu yoo manni murtii bajataafi humna namaa abbummaan bulchuun tajaajila abba seerummaa bilisummaan kenne qofadha. Haa ta'u malee qabatamni jiru kana akka hin agarsiifne dha. Hojjetootni bulchiinsaa mana murtii qaama alaa jalatti buluun jiddu-lixummaa garagaraatiif saaxilee jira.³⁴

²⁹ Afgaaffii Obbo Dirriibaa Fayyeeraa, Itti gaafatamaa Gumii fi Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa MMWO waliin gaafa 08/06/2015 taasifame, Af-gaaffii Duursaa Garee Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa MMA Amboo, Obbo Laggasee Lammeessoo waliin gaafa 29/05/2015 taasifame

³⁰ Afgaaffii Obbo Mitikkuu Taarfaa, D/Karooraa fi Baajataa MMWO waliin gaafa 08/06/2015 taasifame

³¹ Afgaaffii Obbo Mohaammad Abdurahman, B/b Prezidaantii MMO, Obbo Taammiree Shubbee, KTAS MMO G/H/Bahaa waliin gaafa 22/05/2015 taasifame

³² Afgaaggii Obbo Buzaayyoo Katamaa, PMMA Sinaanaa, Obbo Mohaammad Ganamoo, A/Seeraa MMA Sinaanaa waliin gaafa 29/05/2015 taasifame

³³ Af-gaaffii Qindeessaa Garee Naamusaafi Inispeekshinii MMO Godina Jimmaa, Obbo Magarsaa Taaddasaa waliin gaafa 22/05/2015 taasifame

³⁴ Af-gaaffii Prizedaantii MMO Godina Shawaa Lixaa, Obbo Maatiwoos Iggazuu waliin gaafa 29/05/2015 taasifame

Waliigalatti qacarrii, jijjiirraa, sadarkaa guddinaa fi kanneen biroo hojjettoota bulchiinsaa Manneen Murtii Naannichaa qaama biroo kennamuun isaa tumaa Heera mootummaa fi labsii 216/2011 keewwata 6 manneen Murtii Naannichaa bulchiinsa humna namaa fi hojimaata keessoo isaaniitiin of danda'anii akka hojjetaniif bilisummaa dhaabbataa kennamee jiruu fi seerota idila addunyaan beekamtii kennamee jiru kan faallessu dha. Manneen murtii humna namaa naamusaa fi dandeettii qaban kanneen riifoormii manneen murtii fi kaayyoo isaa galmaan gahuu danda'an gabaa irraa dorgomsiisee qacarachuu fi tursiifachuu irratti dhiibbaa mataa isaa kan qabatu dha. Haalli kun manni murtii kaayyoo hundeeffama isaa sirnaan akka galmaan hin geenyeeff daanqaa mataa isaa kan uumu dha. Muuxannoo biyyoota armaan olitti ilaalle keessatti manneen murtii hojjettoota ofii bulchaa waan jiraniif rakkoon bilisummaa dhaabbataa mana murtii miidhu carraan uumamu kan hin jirre ta'uu hubachuun ni danda'ama.

3.2. Mana Murtii Keessa Sirnootni Adda Addaa Jiraachuu

Hojjeetootni mana murtiif barbaachisan Abbootii Seeraa, muudamtoota manneen murtii sadarkaa adda addaa fi hojjettoota biroo muudamaan ala jirani akka ta'e beekamaa dha. Haala bulchiinsa humna nama kanaas ilaalchisee seerota adda addaa baafatee kan ittiin hojjechaa jiru dha. Bulchiinsa abbootiin seeraa fi muudamtootni manneen murtii Oromiyaa ilaalchisee dambii lakkoofsa 07/2012 fi dambii bulchiinsa ofseeroota seeraa Manneen Murtii Oromiyaa lakkoofsa 4/2011 fudhachuun ni danda'ama. Hojjettoota biroo dambiiwwan kanaan hin haguugamne garuu labsii lakk. 215/2011 labsii hojjettoota Mootummaa naannoo Oromiyaa, dambii fi qajeelfama labsii kana raawwachiisuuf baheen bulaa jiru.

Sirni bulchiinsaa kun sirnootni adda addaa mana tokko keessa akka jiraatan kan taasise dha. Haalli kun immoo hojjettoota keessatti miira akka hojjetaa qaama alaatti akka of ilaalan kan taasisu dha.³⁵

Mana hojii tokko keessatti seerota mana murtii ilaallatanii fi kanneen sektera biroo giddugaleessa godhachuun akka bulamu taasifamuun rakkoon biroo uume sirni madaalli adda addaa akka jiraatu taasisuu dha. Seeronni qaama birootiin bahanii jiran sirna madaallii haala qabatamaa hojii mana murtii keessaa jiddu-galeessa kan godhatan miti. Manni murtii haala ergamaa, mul'ataa fi

³⁵ Marii Garee hojjettoota Bulchiinsaa Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar obbo Kamaal Huseen, Dursaa Garee Riifoormii, Obbo Abdii Dassaalenyi, D/G/H/Namaa, Obbo Caalaa Mangee, Qindeessaa T/Waliigalaa fi Obbo Abarraa G/Sillaasee, D/G/Odiitii waliin gaafa 07/06/2015 taasifame

kaayyoo isaa galmaan gahuu danda’u bu’uura godhachuun sirna madaallii mataa isaanii kan qabani dha. Manni murtii *RBM*-tti gargaaramuun kan hojjetoota isaa madaalaa jira. Haata’u malee sababa hojjetootni bulchiinsaa seerota qaamni biro baasuun bulaa jiraniif sirni madaallii isaanii *score card’n* gargaaramuun madaalamaa jiru. Madaalliin hojjetoota bulchiinsaa mana murtii kun haala qabatama hojii isaanii giddugaleessa godhamuun kan gaggeeffamaa jiru miti. Hojjetootni bulchiinsaa hojii mana murtii keessaa hojjechaa jiraniin bu’uureffachuun kan madaalamaa jiran miti. Ulaagaan madaallii qaamni biroo baasu haala qabatama mana murtii fi hojii manicha keessatti dalagamaa jiru madaaluuf mijataa kan hin taane dha. Ulaagaan madaallii isaanii garaagarummaa kan qabuu fi hojmaata mana murtii waliin kan hin adeemne waan ta’eef hojjetoota kana qabatamaan hojii isaan raawwatan irratti hundaa’uun madaaluun akka hin danda’amne dha.³⁶ Haalli kun immoo guddina hojjetootaa, carraa barnootaa fi leenjii iddoo hanqina qaban adda baasuun kennuufii irratti kallattiin dhiibbaa mataa isaa kan qabaatu dha.

Muuxannoowwan biyyoota boqonnaa lammaffaa keessatti kaasne irraa hubachuun kan danda’amu hojjetootni kun guutummaatti sirna mana murtii jalatti haguugamanii bulaa kan jiran waan ta’eef hanqinni akka manneen murtii naannoo keenya keessatti sirnootni adda addaa akka uumaman taasise kun kan hin jirre ta’uu isaa hubachuun ni danda’ama.

3.3 Gitootni Ulfaatina Hojii Mana Murtii Bakka Bu’uu Dhabuu

Gitootni hojii akka biyyaatti hojjetamanii jiran ulfaatina hojii waliin haala walgituun yookiin immoo haala walitti dhiyeenya qabuun akka ta’e beekamaa dha. Gitootni hojii tokko tokko akka biyyaatti kan hojjetaman gara mana murtiitti yeroo dhufamu gaheen hojii tarreeffamee jiruu fi qabatamaan manneen murtii keessatti hojjetamaa jiru yeroo ilaalamu ulfaatni hojii isaa akka wal hin gitne namootni afgaaffii fi mare garee taasifame ni kaasu.

Akka biyyaatti gitni hojii kan *JEG* jedhamuu qorataamee mirkanaa’ee kan jiru dha. Gita hojii qoratamee mirkanaa’ee hojii irra jiru keessaa tokko gita hojii riikoordii fi kuusaati. Hojiin gita kanaaf kennamee jiru kan sektera biroo fi kan mana murtii kan wal hin gitne ta’uu kaasu. Sektera biro waliin wal cinaa qabamee yeroo ilaalamu mana murtii keessatti gita hojii iddoo hojiin itti

³⁶ Akkuma olitti miiljalee lakk. 34

heddummaatu dha.³⁷ Akkasumas, gitoota hojii kanneen akka barreessaa dhaddachaa, sagalee waraabaa fi kanneen biroo illee fudhachuun ni danda'ama. Hojiiwwan mana murtii keessaa keessattuu barreessaan dhaddachaa fayyummaa irratti dhiibbaa mataa isaa kan qabu dha.³⁸

3.4. Koodiin Naamusa Hojjettoota Amala Mana Murtii Waliin Walsimuu Dhabuu

Manni murtii iddo qaamoleen garaa garaa mirga isaanii itti kabachuufatan ta'uu irraan kan ka'e ogeessota naamusa addaa barbaachisu dha. Naamusa hojjettoota kanaa ilaalchisee akkaataa amala mana murtiin mul'isuun kan bocamee fi haala gadfageenya qabuun hojjettoota bulchiinsaa manneen murtii keessa jiran hoogganuu fi qajeelchuu kan hin dandeenye dha. Fakkenyaaf hojjetaan galme'e cufamanii fudhachuun ni danda'ama. Naamusni hojjettoota kanaa akkaataa KTAS barbaaduun kan bocamnee fi dhimmoota mana murtii keessatti akka naamusaatti haammatamuu qaban osoo hin haguugiin kan hafe dha.³⁹

Hojjettoota abbootii dhimmaa mana murtii waliin hariiroo qaban haala itti naamusaan gaafataman irratti rakkoo uumaa jira. Koodiin naamusaa hojjettoota bulchiinsaa mana murtii

³⁷ Akkuma olitti miiljalee lakk. 37

³⁸ Af-gaaffii Prizedaantii MMO Godina Jimmaa, Obbo Birhaanuu Baqqalaa waliin gaafa 22/05/2015 taasifame Af-gaaffii Prizedaantii MMA Amboo, Obbo Sirneessaa Kumalaa waliin gaafa 29/05/2015 taasifame

³⁹ Akkuma olitti miiljalee 37

ittiin hojjetamaa jiru haala mana murtii giddugaleessa godhachuun akka hin qophoofne eerama.⁴⁰ Sababa kanaaf akka naamusaatti kanneen manneen murtii keessatti tumaman hunda kan haguuge miti. Fakkeenyaaf, haala itti fayyadama miidiyaa hawwaasummaa fudhachuun ni danda'ama.⁴¹

Muuxannoowwan biyyoota yoo ilaalle naamusa hojjettoota kanaa ofii baasanii haala amala mana murtii calaqqisiisuun kan baafatani dha. Akka fakkeenyaatti, muuxannoo biyya Indiyaa kan naannoo Odisha yoo fudhanne seera *'Method of Recruitments and condition of service Rule'* jedhamu baafachuun ittiin hojjechaa jiru. Kanaaf, rakkoon waa'ee naamusa hojjettoota bulchiinsaa haala amala mana murtii giddugaleessa godhachuun bocamuu dhabuu manneen murtii naannoo keenyaa keessatti yeroo ammaa kana calaqqisaa jiru kun carraan jiraachuu isaa dhiphaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

3.5. Sirni Kenniinsa Murtii Dhimma Naamusaa Hanqina Qabaachuu

Labsii hojjettoota mootummaa naannoo Oromiyaa labsii lakkoofsa 215/2011 keewwata 76 jalatti manni hojii mootummaa kamiyyuu komii hojjettoota mootummaa irraa dhiyaatu simachuun qulqulleessee yaada murtii hoogganaa olaanaa mana hojichaatiif dhiyeessu koree komii qulqulleessu hundeeffamuu akka qabu dha. Labsicha keewwata 79(1) jalatti immoo manni murtii bulchiinsa falmii hojjettoota mootummaa ilaalee murteessuu kan hundaa'uu ta'uu tumamee jira. Manni murtii bulchiinsaa hojjettoota kun dhimmoota oliyyannoon dhiyaatan kanneen akka seeraan ala hojiirraa dhorkamuu, murtii adabbii naamusa cimaa, miindaan yookiin kaffaltiiwwan biroo seeraan ala kan jalaa qabame yookiin cite, miidhaa yookiin dhibee sababa hojjiitiin irra gaheen walqabatee mirgi hir'achuu fi kanneen biroo ofitti fuudhee keessummeessuu aangoo qaba. Manni murtii bulchiinsaa hojjeettoota mootummaa dhimma oliyyannoon itti dhiyaate erga qoratee booda murticha mirkaneessuu, hafuu yookiin fooyyessuu akka danda'au labsicha keewwata 81(3) irraa hubachuun ni danda'ama. Manni murtii bulchiinsaa falmii ijoo dubbii irratti murtiin kennu isa dhumaati. Ta'us murtiin mana murtii bulchiinsaa dogongora seeraa qaba jedhee qaamni falmu murtiin mana murtichaa isa dhaqqabee guyyoota 60 keessatti oliyyannoo

⁴⁰ Agfaaffii Obbo Mohaammad Abdurahman, B/b Prezidaantii MMO, Obbo Taammiree Shubbee, KTAS MMO G/H/Bahaa waliin gaafa 22/05/2015 taasifame

⁴¹ Agfaaffii Obbo Geetaachoo Tasfaayee, I/G/Garee Naamusaa fi Inispeekshinii, Obbo Balaachoo Alamuu, Inispeekshinii MMO G/Baalee waliin gaafa guyyaa 29/05/2015 taasifame

isaa mana murtii waliigalaa Oromiyaattif dhiyeeffachuu akka qabu keewwata 81(6) jalatti tumamee jira.

Tumaawwan keewwattoota kana irraa hubachuun kan danda'amu hojjetootni mootummaa murtii kenname irratti komii qaban oliyyannoo isaanii gara mana murtii bulchiinsaa hojjetoota mootummaa labsii kanaan hundaa'ee jirutti dhiyeeffachuuf mirga kan qabanii fi murtii kana irraas komii dogongora seeraa yoo qabaatan oliyyannoo gara mana murtii idileetti fudhachuuf carraa kan qaban ta'uu dha. Hojjetootni bulchiinsaa mana murtii dhimmoota naamusa ilaalchisee faallaa tumaawwan kanaatiin yeroo keessummeeffaman mul'ata.

Dhimma naamusa hojjetoota bulchiinsaa ilaalchisees labsiin lakk. 217/2011 labsiin Gumii Abbootii Seeraa Oromiyaa irra deebiin hundeesuuf bahe waa'ee hojjetoota bulchiinsaa haguugee jira. Akka labsicha keewwata 25(1) jalatti tumamee jrutti badii naamusaa hojjetoota deeggarsaan raawwataman akkaataa labsii hojjetoota mootummaatiin akka ilaalamuuf koreen naamusaa hojjetoota mootummaa manneen murtii sadarkaa hundatti hundeeffamuu akka qabu kaa'a. Qaamni komii qabu eenyutti oliyyachuu akka qabus seerichi ifaan tumee jira. Gareen Gumii waliigalaa dhimma naamusa hojjetoota mana murtii waliigalaa, Gumiin Godinaa dhimma naamusa hojjetoota mana murtii olaanaa fi kanneen mana murtii aanaa Oliyyannoon dhagahanii murtii kennu. Murtichis isa dhumaa fi oliyyannoo kan hin qabne ta'a jechuun keewwatni 25(2) ni kaa'a.

Murtii badii naamusaa Gareen Gumii Waliigalaa aangoo sadarkaa duraan ilaalee kenne irratti oliyyata dhiyaatu dhagahee murteessuuf aangoo kan qabu dha. Murtiin haala kanaan Gumii Waliigalaatiin kennamu isa dhumaa ta'ee oliyyannoo fi iyyannoo kan hin qabne dha. Murtii naamusaa Gareen Gumii Godinaa kenne oliyyataan ilaale murteessuuf aangoo kan qabu dha. Murtiin kennamus kan dhumaa fi iyyannoo biroo kan hin qabne ta'uu isaa keewwata 13(2) jalatti ibsamee jira. Naamusa ilaalchisee seerota manni murtii muudama bulchuuf baafataaneen hojjetootni bulchiinsaa hoogganamuun qabatamaan hanqinaalee adda addaa mana murtii keessatti kaasaa kan jiru ta'uu namootni mare garee fi af-gaaffiin taasifameef kaasanii jiru.

Murtii murteeffamu keessattis ta'ee himannaan naamusaa akka hundeeffamuuf gaheen hoogganaa manichaa olaanaa dha. Murtii murteeffame kana cimsuufis ta'ee diiguuf hoogganaan gahee guddaa qaba. Himannaan akka hundeeffamu akkasumas murtii koree ilaalee diiguu fi

mirkaneessuu irratti aangoo qabaachuu qofaa osoo hin taane oliyyannoon gara gumiitti yeroo dhiyaatus hoogganaan dhimmicha carra oliyyannoon ilaaluu kan qabu dha. Kana jechuun dhimmicha oliyyannoon kan ilaalu gumii ta'ee walitti qabaan gumii immoo Prezidaantii, hoogganaa manichaa, akka ta'e beekamaa dha. Kun kan agarsiisu dhimma naamusa hojjettoota ilaalchisee gaheen hoogganaa baay'ee olaanaa ta'uu isaati. Haalli kun murtii haqa qabeessa ta'e kennamuu irratti dhiibbaa mataa isaa qabaata.⁴²

Rakkoo biroon gama kanaan mana murtii keessatti calaqqisaa jiru hojjettootni kun bakka bu'aa dhabuu dha. Oliyyannoon kan ilaalamu miseensota Gumiitiin ta'ee muudamtoota dha. Muudamaan waa'ee naamusa hojjettoota muudama hin taanee ilaalaa jira jechuu dha. Muudamtootni dhimmoota isaanitti dhiyaate ragaa irratti hundaa'uun murtii haqa qabeessa hin kennan jechuu osoo hin taane sababa bakka bu'aa hin qabneef miirri miidhamuu fi haqa dhabuu hojjettoota kan keessatti uumaa kan jiru dha.⁴³

Hanqinni biroo jiru mirga oliyyannoo hojjettoota bulchiinsaa mana murtii daangessuu dha. Mirga hojjettoota mootummaa sekteroota biro waliin wal cinaa qabamee yoo ilaallamu mirga walqixxummaa kan miidhu dha. Carraa manni murtii dhimmicha oliyyannoon ofitti fuudhee keessummeessuu xiqqaa dha. Gama kanaan murtiin hojjettoota bulchiinsaa mana murtii irratti kennamaa jiru hojjettoota sektera biroo waliin walcinaa qabamee yoo ilaalamu mirga oliyyannoo isaanii kan daangesse dh.⁴⁴ Miindaa fi faayidaalee adda addaa ilaalchisee hojjettootni bulchiinsaa mana murtii seerota qaamni biroo baaseen bulaa kan jirani dha. Waa'ee naamusa isaanii ilaalchisee garuu akkuma muudamaatti ilaalamaa jiru. Haalli kun hojjettoota keessatti miira manni murtii faayidaa isaanirra miidhaa isaanii hoogganuu akka fudhate kan agarsiisu dha.

⁴² Afgaafii Obbo Dirribaa Fayyeeraa, Itti gaafatamaa Gumii fi Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa MMWO waliin gaafa 08/06/2015 taasifame, Marii Garee hojjettoota Bulchiinsaa Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar obbo Kamaal Huseen, Dursaa Garee Riifoormii, Obbo Abdii Dassaalenyi, D/G/H/Namaa, Obbo Caalaa Mangee, Qindeessaa T/Waliigalaa fi Obbo Abarraa G/Sillaasee, D/G/Odiitii waliin gaafa 07/06/2015 taasifame Af-gaaffii Qindeessaa Garee Naamusaafi Inispeekshinii MMO Godina Shawaa Lixaa, Obbo Wayyeessaa Baqqanaa waliin gaafa 29/05/2015 taasifame

⁴³ Marii Garee hojjettoota Bulchiinsaa Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar obbo Kamaal Huseen, Dursaa Garee Riifoormii, Obbo Abdii Dassaalenyi, D/G/H/Namaa, Obbo Caalaa Mangee, Qindeessaa T/Waliigalaa fi Obbo Abarraa G/Sillaasee, D/G/Odiitii waliin gaafa 07/06/2015 taasifame Af-gaaffii Prizedaantii MMO Godina Shawaa Lixaa, Obbo Maatiwoos Iggazuu waliin gaafa 29/05/2015 taasifame Afgaafii Obbo Dirribaa Fayyeeraa, Itti gaafatamaa Gumii fi Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa MMWO waliin gaafa 08/06/2015 taasifame

⁴⁴ Afgaafii Obbo Dirribaa Fayyeeraa, Itti gaafatamaa Gumii fi Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa MMWO waliin gaafa 08/06/2015 taasifame Marii Garee hojjettoota Bulchiinsaa Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar obbo Kamaal Huseen, Dursaa Garee Riifoormii, Obbo Abdii Dassaalenyi, D/G/H/Namaa, Obbo Caalaa Mangee, Qindeessaa T/Waliigalaa fi Obbo Abarraa G/Sillaasee, D/G/Odiitii waliin gaafa 07/06/2015 taasifame

Kanaaf sirni akkanaa jiraachuun hojjetootni mana murtiif ilaalcha gaarii akka hin qabaanee fi qaama alaa ta'aniitti of ilaaluun miira tajaajiltummaa hojjetootaa kanaa miidhaa kan jiru dha.⁴⁵

⁴⁵ Afgaaffii Obbo Mitikkuu Taarfaa, D/Karoora fi Baajataa MMWO waliin gaafa 08/06/2015 taasifame Af-gaaffii Qindeessaa Garee Naamusaafi Inispeekshinii MMO Godina Shawaa Lixaa, Obbo Wayyeessaa Baqqaanaa waliin gaafa 29/05/2015 taasifame

BOQONNAA AFAR

4. Guduunfaa fi Yaada Furmaataa

4.1. Guduunfaa

Manni Murtii akka Naannoo Oromiyaattis ta'ee sadarkaa Federaalaatti qaama mootummaa sadan keessaa isa tokko ta'e bilisaan seera hiikuuf Heera Mootummaa kan hundaa'e dha. Manneen Murtii naannoo Oromiyaa kaayyoowwan akka Mirgaa fi walabummaa dhuunfaa fi garee Heera Federaalaa fi kan Mootummaa Naannichaa keessatti tumaman kabachiisuu; Waldhabdee namoota addaa addaa jidduutti uumamu seera irratti hundaa'uudhaan murtii haqa qabeessa kennuu; Ol'aantummaa seeraa mirkanneessuudhaan ijaarsa sirna dimookiraasiif gumaachuu kan jedhu qabachuun hojjechaa kan jiranidha.

Kaayyoo kana galmaan gahuuf Manneen Murtii Naannichaa bilisummaa guutuudhaan hojii isaanii raawwachuu akka qaban haguuggiin seeraa kennamee jira. Bilisummaan kunis dhiibbaa qaama mootummaa, abbaa taayitaa yookiin qaama kamii irraa iyyuu bilisa ta'uun hojii isaanii raawwachuu akka qabani dha. Manneen Murtii Naannichaa baajataan, bulchiinsa humna namaa fi hoj-maata keessoo isaaniitiin of danda'anii hojjechuu akka qaban seeraan ifatti ibsamee jira. Manni murtii kaayyoo, ergamaa fi mul'ata seeraan kennameefii jiru galmaan gahuu kan danda'u ogeessota adda addaa barbaachisa. Ogeessonni kunneenis Abbootii Seeraa, Muudamtoota Manneen Murtii fi hojjetoota bulchiinsaati.

Manneen Murtii bulchiinsa humna nama kana ilaalchisee seerota adda addaa baafatee bulchaa jira. Bulchiinsa abbootiin seeraa fi muudamtootni manneen murtii Oromiyaa ilaalchisee dambii lakkoofsa 07/2012 baasuun ittiin hojjetamaa jira. Sirni bulchiinsa ofseera seeraa manneen murtii naannichaa bu'a qabeessa, itti gaafatamummaa kan mirkaneessu, kaayyoo fi ergama manneen murtii haala galmaan gahuu danda'uun fi rakkoo hojiirratti qunamaa ture haala furuun danda'uun dambii bulchiinsa ofseeroota seeraa Manneen Murtii Oromiyaa lakkoofsa 4/2011 fudhachuun ni danda'ama.

Hojjettoota biroo dambiiwwan kanaan hin haguugamne garuu labsii lakk. 215/2011, labsii hojjettoota Mootummaa naannoo Oromiyaa, dambii fi qajeelfama labsii kana raawwachiisuuf baheen bulaa kan jirani dha. Manneen Murtii amantaa ummataa horachaa fi gabbifachaa akka deeman duudhaa fi hojmaatni tajaajila abbaa seerummaa iftoomina akka qabaatuu fi fooyya'aa akka deemu gochuu keessatti gaheen hojjettoota kanaa barbaachisaa dha. Haalli bulchiinsa hojjettoota kun qabatamaan rakkoolee fi hanqinaalee adda addaa manneen murtii keessatti umaa kan jiru ta'uu qorannoo kanaan adda bahee jiru.

Rakkoolee fi hanqinaaleen kunneenis haalli bulchiinsa hojjettoota kun bilisummaa dhaabbataa manneen murtii kan heera, labsii lakk. 216/2011 fi seerota idila addunyatiin kennamee jiru miidhu, manneen murtii keessa sirnootni adda addaa akka jiraatan, gitootni hojii akka biyyaatti bahanii jiran ulfaatina hojii mana murtii keessa jiru waliin walgituu dhabuu, koodiin naamusaa hojjettoota kana amala mana murtii kan giddugaleessa hin godhanne ta'uu fi sirni kenniinsa murtii dhimma naamusa hojjettoota kanaa hanqina kan qabu ta'uu dha.

4.2. Yaada Furmaataa

Rakkoolee fi hanqinaalee armaan olitti eeraman kanaaf yaadotni furmaataa armaan gadii eeramaniiru.

- Rakkoo fi Hanqinaalee Sirna Hooggansa Yeroo ammaa Hojjettoota Bulchiinsaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa waliin walqabataniis gama bulchiinsa hojjettoota fi bilisummaa dhaabbataa mana murtiin mul'atan kana furuuf Sirni bulchiinsa hojjettoota kanaa mana murtii jalatti deebi'uu qaba.
- Bulchiinsa hojjettoota kanaa ilaalchisee Manni Murtii Waliigala Oromiyaa haala amala mana hojii waliin walsimuun qorannoo biroo gaggeessuun (naamusaa, sirna itti gaafatamummaa, guddina, callallii, qacarrii fi kkf) sirna mataa isaa diriirfachuu qaba.

Tarree Namoota Af-gaaffii fi Mareen garee taasifame

- Obbo Dirribaa Fayyeeraa, Itti gaafatamaa Gumii fi Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa MMWO
- Obbo Laggasee Lammeessoo, Duursaa Garee Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa MMA Amboo
- Obbo Mitikkuu Taarfaa, D/Karooraa fi Baajataa MMWO
- Obbo Mohaammad Abdurahman, B/b Prezidaantii MMO G/H/Bahaa
- Obbo Taammiree Shubbee, KTAS MMO G/H/Bahaa
- Obbo Buzaayyoo Katamaa, PMMA Sinaanaa,
- Obbo Mohaammad Ganamoo, A/Seeraa MMA Sinaanaa
- Obbo Magarsaa Taaddasaa, Qindeessaa Garee Naamusaafi Inispeekshinii MMO Godina Jimmaa
- Obbo Maatiwoos Iggazuu, Prizedaantii MMO Godina Shawaa Lixaa
- Obbo Kamaal Huseen, Dursaa Garee Riifoormii MMO M/Shaggar
- Obbo Abdii Dassaalenyi, D/G/H/Namaa MMO M/Shaggar
- Obbo Caalaa Mangee, Qindeessaa T/Waliigalaa MMO M/Shaggar
- Obbo Abarraa G/Sillaasee, D/G/Odiitii MMO M/Shaggar
- Obbo Zinnaayee Gabreyesus, D/Garee B/Q/M/Namaa MMA Sinaanaa
- Obbo Nagaash Qilxuu, D/G karooraa MMA Sinaanaa
- Obbo Taganee Girmaa, Hojjetaa Herreegaa MMA Sinaanaa
- Obbo Wondosan Geetaachoo, D/G Faayinaansii MMA Sinaanaa
- Obbo Dirribaa Olee, Gaggeessaa Dhimmaa Mana Murtii Olaanaa M/Shaggar
- Obbo Daani'eel Addaamuu, D/G/B/Qabeenya Namaa MMO G/H/Bahaa
- Obbo Abaadir Jamaal, R/G/Cufamanii MMO G/H/Bahaa
- Nadhii Kibee, O/Odiitera keessaa MMO G/H/Bahaa
- Obbo Jamaal Yaasin, D/G/Q/Baajataa fi Karooraa MMO G/H/Bahaa
- Obbo Alamaayyoo Mangistee, D/G/B/Q/Humna Namaa MMO G/Baalee
- Obbo Mohaammad Ismaa'eel, Social Worker MMO G/Baalee
- Obbo Sulxaan Mohaammad, A/Ittisaa MMO G/Baalee
- Obbo Magarsaa Taaddasaa, Qindeessaa Garee Naamusaafi Inispeekshinii MMO Godina Jimmaa

- Obbo Jamaal A/Boor, Prizedaantii MMA Jimmaa
- Obbo Taaddasaa Firoomsaa, Duursaa Garee Bulchiinsa Humna Namaa MMO Godina Shawaa Lixaa
- Obbo Abbabaa Hundee, Ogeessa Odiitii Mana Murtii A/Shaaashamannee
- Obbo Ismaa'eel Tasii, Dhimma daa'immanii fi Dubartootaa Mana Murtii A/Shaaashamannee
- Aadde Sinqee Baqqalaa, Karoora Mana Murtii A/Shaaashamannee
- Obbo Qixxummaa Safoo, Ogeessa B/H/Namaa Mana Murtii A/Shaaashamannee waliin gaafa 01/06/2015 taasifame
- Obbo Hajjii Leenjiso Gag/Adeemsa Hojii Q/B/H/Namaa G/A/Lixaa
- Obbo Birhaanuu Baqqalaa, Prizedaantii MMO Godina Jimmaa
- Obbo Sirneessaa Kumalaa, Prizedaantii MMA Amboo
- Obbo Mul'ataa Gaadisaa, B/B Qindeessaa Garee Naamusaafi Inispeekshinii MMO Godina Shawaa Kibba Lixaa
- Obbo Leencoo Camadaa, Qindeessaa KTAS MMO Godina Shawaa Kibba Lixaa
- Obbo Geetaachoo Tasfaayee, I/G/Garee Naamusaa fi Inispeekshinii MMO G/Baalee
- Obbo Balaachoo Alamu, Inispeekshinii MMO G/Baalee
- Obbo Wayyeessaa Baqqaanaa, Qindeessaa Garee Naamusaafi Inispeekshinii MMO Godina Shawaa Lixaa
- Obbo Tasfaayee Alamu, Ofisara Naamusaafi Inispeekshinii MMA Amboo